

QAACCESSA ASOOSAMA DHEERAA “DHAMAATEE  
HARMEE”

GALATEE TAARREQENY

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTII

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

KOOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO, AFAANOOTAA,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

QAACCESSA ASOOSAMA DHEERAA “DHAMAATEE  
HARMEE”

QORATTUUN: GALATEE TAARREQENY

GORSAAN: ASAFAA TAFARRAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTII

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

KOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOOTAA,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

# Baafata

## Qabiyyee

## Fuula

Axereeraa .....	i
Galata .....	ii
BOQONNAA TOKKO:SEENSA.....	1
1.1 Ariirrata Qorannichaa .....	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo .....	3
1.3.2 Kaayyoo Gooree .....	3
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	3
1.5 Daangaa Qorannichaa .....	3
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	4
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU .....	5
2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee .....	5
2.1.2 Maalummaa Ogumaa .....	5
2.1.2.1 Gosoota Ogumaa.....	6
2.1.2.1.1 Oguma Barreeffamaa .....	6
2.1.2.1.1.1 Asoosama .....	6
2.1.2.1.1.1.1 Asoosama Dheeraa.....	7
2.1.2.1.1.1.2 Asoosama Gabaabaa .....	8
2.1.2.1.1.2 Caacculee Asoosamaa.....	8
2.1.2.1.1.2.1 Qooddattoota.....	8
2.1.2.1.1.2.2 Jaargocha.....	8
2.1.2.1.1.2.3 Kallattii Seenessuu .....	9
2.1.2.1.1.2.4 Yoomessa .....	9
2.1.2.1.1.2.5 Ergaa .....	9
2.1.2.1.1.2.6 Waldhabbii .....	9
2.1.2.1.1.2.6.1 Gosoota Waldhabbii.....	10
2.1.2.1.1.2.6.1.1 Waldhabbii Qooddataan Sammuu Isaa Wajjiin Taasisu .....	10
2.1.2.1.1.2.6.1.2 Waldhabbii Qooddataafi Qooddattaa.....	10
2.1.2.1.1.2.6.1.3 Waldhabbii Qooddataafi Humnoota Uumamaa .....	11

2.1.2.1.1.2.6.1.4 Waldhabbi Qooddattaafi Hawwasummaa .....	11
2.1.2.1.1.2.6.1.5 Waldhabbi Qooddataan Teknoolojjii Waliin Taasisu .....	11
2.1.2.1.1.2.6.2 Faayidaa Waldhabbi .....	11
2.1.2.1.1.2.6.3 Amaloota waldhabbi .....	12
2.1.2.1.1.2.6.3.1 Tokkummaa (unity).....	12
2.1.2.1.1.2.6.3.2 Amanamummaa (Reliability).....	12
2.1.2.1.1.2.6.3.3 Dagaagina.....	12
2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	12
<b>BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA .....</b>	<b>16</b>
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	16
3.2. Madda Ragaalee.....	16
3.3. Meeshaalee Funnaansa Ragaalee .....	16
3.4. Mala Iddatteessuu .....	16
3.5. Tooftaalee Xiinxala Ragaalee .....	17
<b>BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE.....</b>	<b>18</b>
4.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Asoosama "Dhamaatee Harmee" .....	18
4.2. Qaacceessa Waldhabbiwwan asoosamicha keessa jiran .....	19
4.2.1 Waldhabbi Namaafi Namaa .....	19
4.2.1.1 Waldhabbi Bilisummaafi Tonkoluu.....	19
4.2.1.2 Waldhabbi Hiiktuufi Lalisee.....	20
4.2.1.3 Waldhabbi Abdiifi Firootasaa.....	21
4.2.2 waldiddaa Namaafi Sammuu isaa/ Xiinsammuu .....	22
4.2.2.1 Waldhabbi Hiiktuufi Sammuu ishee.....	22
4.2.2.2 Waldhabbi Abdiifi sammuu isaa.....	23
4.2.2.3 Waldiddaa Jabeessaafi Sammuusaa .....	25
4.2.3 Waldiddaa Namaafi Uumaa .....	25
4.2.3.1 Waldhabbi Abdiifi Uumaa .....	26
4.2.3.2 Wadiddaa Abbaa Abdiifi Uumaa .....	27
4.2.4 Waldiddaa Namaafi Uumamaa .....	27
4.2.4.1 Waldiddaa Abdii, Dameefi Waraabessa .....	28
4.2.4.2 Waldhabbi Abdiifi Aduu.....	28
4.2.4.3 Waldhabbi Abdii, Dacheefi Samii .....	29
4.2.4.4. Waldhabbi Abdii, Rakkinaafi Waqtii gannaa .....	30
4.2.4.5 Waldhabbi Abdiifi Afuura/ Humna Uumamaa .....	31

4.3 Faayidaa Waldhabbii Asoosamicha keessaa.....	31
4.4 Sababoota Waldhabbii .....	32
<b>BOQONNAA SHAN:CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .....</b>	<b>33</b>
5.1 Cuunfaa.....	33
5.2 Argannoo.....	34
5.3 Yaada Furmaataa/ Yaboo.....	34
Wabiilee .....	36
Dabalee .....	37

## **Axereeraa**

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa gosoota waldhabbii asoosama dhamaatee harmee jedhu keessatti argaman adda baasuun qaaccessuudha. Milkaa'ina kaayyoo kanaafis kitaaba asoosama "Dhamaatee Harmee" jedhu bifa sakkata'a dookumentiin sakkatta'ameera. Qorannoon tokko mala ittiin adeemsifamu qaba. Qorannoon kunis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun kan adeemsifameedha. Akkasumas mala iddatteessuu keessaa ammoo mit-carraa keessaa akkayyooitti fayyadamuun kan geggeeffameedha. Gosoonni waldhabbii asoosama kana keessatti argamanis lakkoofsaan afuri. Isaanis waldhabbii qooddattaafi qooddattaa, waldhabbii qooddattaafi sammuu isaa, waldhabbii qooddattaafi uumaafi waldhabbii qooddattaafi uumamaati. Haaluma kanaan gosoonni waldhabbii kun kaayyoowwan gooree qorattuun kun kaayyefattee kaatte irratti hunda'uun walduuraa duubaan qaaceffamaniiru. Dhuma irrattis qorattuun kun argannoowwanfi yaadota furaamataa keessee jirti.*

## **Galata**

Hundumaa dursee kallattii hundaan bu'aa ba'ii jireenyaa ani dabarse hunda keessatti humna, gargaarsa, nagaa, obsa, dandeettiifi waan hundumaa isa naaf ta'e waaqayyoof galanni ani qabu daanga-maleessa. Itti aansun barnoota koo kan sadarkaa kanaa baraadhee akkan xumuruuf, yeroo tokko illee sii dadhabneera osoo hin jedhiin ofii daaranii natty ufisuun, ofii beel'anii na nyaachiisuun, akkuma kana yaada isaaniin na jajabeessaa kan turan maatiiwwan koo guddaa godheen galateefadha. Dabalaatanis hojii qorannoo geggeessaa ture kana keessatti hojiin kiyya kun fiixaan ba'uumsa akka argatuuf muuxxannoofi ogummaa qabaniin yeroo isaanii haarsaa gochuun kan na qajeelchaa turan gorsaa koo Dr, Asafaa Tafarraa guddaan galateefadha.

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon tokko sababa geggeeffamuuf qaba. Kunis qorannicha geggeessuuf maaltuu gaaffii akka ta'eefi kan deebisu galma wixinichaan adeemsifama. Bu'uura kanaan qorannoon kun boqonnaa kana keessatti qabxiilee akka ariirrataa, ka'umsaa, gaaffii bu'uuraa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaa, qindoominaafi kan kana fakkaatan soonaan of keessatti hammachuun kan adeemsifamudha.

### 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Dhalli namaa jiruuf jireenya isaa keessatti mudannoowwan adda addaa keessa darbuun akka jiraataa tureefi ammas jiraachaa jiru beekamadha. Kana jechuun ammoo kanneen akka gaddaa, gammachuu, jaalala, jibba, argachuu, dhabuufi kan kana fakkaatan isaan mudata. Mudannoowwan isaa kana kan ittiin ibsatu keessa tokko ogumadha. Ogumni ogummaa kalaqa sammuu ta'ee kan muuxannoo jiruuf jireenyaa akka qabatamutti miidhaksinee, faayinee ittiin calaqqisiifnudha. Yaaduma kana ilaalchisee Zarihun (1992:142) akka jedhutti “ogumni kan ilmi namaa mudannoo isaa ittin ibsatu, aadaa isaa ittiin calaqqisiifatu kalaqa afaanii yokiin kalaqa barreeffamaati” jechuun ibsee jira. Yaaduma kana Melakneh /1992:1/ Ogbarruu yoo ibsu” Litration is a creative work of art when express the truth of experience in terms of beauty to be comprehended ideas of intellectual and social significance” jechuun ibsee jira. Ogumni bakka gurguddaa lamatti qoodamee ilaalamuu danda'a. Isaanis oguma barreeffamaafi oguma afoolaati. Yaada kana ilaalchisee Asafaan (2009) akka jedhutti “ogumni kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis ta'e barreeffamaan miidhagsee, mi'eessee kan dabarsudha” Jechuun ibsee jira. Yaada kanarraa kan hubannu dhalli namaa dandeettii kalaqa sammuu isaaniirratti hundaa'uun jechoota filatamoo ta'aniin barreeffamaafi afaaniin kana jechuun oguma barreeffamaafi oguma afoolaatti dhimma ba'uun ergaa waliif kan dabarsu ta'uu isaati. Ogumni barreeffamaa bakka gurguddaa sadiitti qoodama. Isaanis asoosama, walaloofi dooyiidha. Asoosamni gooroowwan ogbarruu jiran keessaa isa tokkodha. Yaada kana Asafaa Tafarraa (2009:36) yoo ibsu “gooroowwaan oguma barreeffamaa keessaa asoosamni, diraamaafi walaloon isaan gurguddoodha” jedha. Yaadni kun ogbarruun gooroowwan gurguddoo sadii akka qabu akkasumas asoosamni gooroowwan kanneen keessaa tokko akka ta'e kan ibsudha. Kana malees asoosamni caaccuulee garaagaraa kanneen akka jaargochaa, waldhabbi, yoomessaa, ergaafi kan kana fakkaatan of keessaa qaba. Kunis waldhabbiin caaccuulee asoosamaa keessaa tokko akka ta'e kan ibsudha. Yaaduma kana irraatti hundaa'uun caaccuulee armaan olii keessaa qorattuun qorannoo kanaa kan irratti xiyyeeffattu waldhabbi asoosama dheeraa



mata dureen isaa “dhamaatee harmee” jedhu irratti xiyyeeffatee jirti. Waldhabbiin walitti bu’insa humnoota walgitan lama gidduutti taasifamudha. Kana jechuun walitti bu’insa yaadaa qaamota wal morman gidduutti uumamudha. Yaada kana Taaddaseen /2006:19/ yommuu ibsu “conflict is the tention in situation between character or actual opposing between the character usually in dirama, novel and short” jedha. Yaada kanarra kan hubannu waldhabbiin taatee haala wayii keessatti qooddattoota gidduuttii keessattuu diraamaa, asoosama dheeraafi gabaabaa keessatti bal’inaan kan uumamu akka ta’edha.

## **1.2 Ka’umsa Qorannichaa**

Ogbarruun Oromoo sadarka ogbarruu biraatiin walbira qabamee yoo ilaalame guddatee kan mul’ate miti. Akka inni hin guddanneef waantota duubatti isa harkisan dhiibbaan mootota biyyatti baay’ee hamaa waan ta’eef. Sababa dhiibbaa mootota kanaa irraa kan ka’e hayyoonni Oromoo baay’een kanneen afaaniifi ogbarruu Oromoo guddisuu barbaadan dandeettiin isaanii baa’ee dangeffamee ture. Yaada kana ilaalchisee Ascanniq Xilaahun (2010:3) Waraqaa qorannoo isaa keessatti Asafaa (2009:13) wabeeffachuun yoo ibsu “Afaan Oromoo afaan hojii ta’uu dhabuun isaa dhiibbaa bifa bittaa mootummaa habashaa kan turedha” jedha. Rakkoowwan gama qorannoo kanaan mul’atan keessaa tokko asoosamoonni barreeffamaan jiran kun caaccuuleen asoosamaa akkaataa xiinxala ammayyaa waliin yoo walbira qabamanii ilaalaman hangamtuu sirriidha yokiin sirrii miti kan jedhu beeku dhabuudha. Addunyaa (2011:53) “ka’umsi qorannoo tokko dhugaa hawaasaa keessatti yokiin waa’ee hawaasichaa dhimma barreeffame irratti mul’atu dhimmichis rakkoo yokiin qaawwaa jiru tokko duuchuuf yokiin yaaxina tokko haaromsuuf ibsa bal’aa dhimmichaatti kennuufi kan kana fakkaatan ta’uu danda’a” jedhe. Namoonni muraasni rakkoowwan kanneen keessa darbuun ogbarruu Oromootiif gumaacha guddaa taasisaa turaniiru. Rakkoowwan kun namoota hedduu irratti gama ogbarruutiin miidhaa geessisuun namoonni muraasni rakkoowwaan kanneen keessa utuu jirani ogbarruu keessaa asoosamoota muraasa barreesuu danda’aniiru. Ta’us kanneen barreeffaman irrattis qorannoon bal’inaan barreeffamee hin jiru. Kunis rakkoo addati. Qorattuun qorannoo kanaa kitaabicha irrattii qorannoon kana dura waan hin hojjetamiiniif qorannoo irratti geggeessitee jirti. Sababni qorattuun kun kitaaba kana filatteef haalli ijaarama waldhabbii asoosamichaa bifa nama hawwatu ta’uufi addunyaa qabatamaa haalaan ibsuu danda’uu isaati. Walumaa galatti qorattuun kun gaaffiilee armaan gadii ka’an akka ijootti qabachuun qorannoo kana kan geggeessitudha.

- Waldhabbii akaakuu kamtuu asoosama kana keessatti argamaa?
- Waldhabbiin kun addunyaa dhugaa keessatti maal fakkaataa?

- Faayidaa waldhabbiin asoosama keessatti qabu maalii?
- Sababni waldhabbiin asoosama kana keessatti uumamee maali?

### **1.3 Kaayyoo Qorannichaa**

Qorannoon tokko yommuu geggeeffamu galma raawwachuuf deemu qaba. Kanaaf qorannoon kunis kaayyoo gooreefi kaayyoo gooroo qaba.

#### **1.3.1 Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa” waldhabbiin asoosama dheeraa dhamaatee harmee” jedhu keessatti argaman qaaccessuudha.

#### **1.3.2 Kaayyoo Gooree**

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Asoosamicha keessatti eenyuuf eenyu akka waldhaban
- Gosoota waldhabbiin asoosamicha keessatti argaman adda baasa
- Faayidaa waldhabbiin asoosamichaa qabu tarreessu
- gosoonni waldhabbiin sanaa addunyaa dhugaa keessatti maal akka fakkaatan ibsuu

### **1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa**

Barbaachisummaan qorannoo faayidaa qorannichi kennu irrattii xiyyeeffata. Kana malees qorannichi qarqara beekumsaa kan bal’isu yoo ta’e akkamitti akka galma ga’u kan ibsudha. Kanaafuu qorannoon tokko yommuu qoratamu gaaffiilee, rakkoolee adda addaaf furmaata barbaaduuf ga’ee guddaa waan qabuuf argannoon qorannoo kanarraa argamus faayidaalee armaan gadii qabaachuu danda’a. Faayidaa waldhabbiin asoosama keessatti qabu ibsu danda’a. Namoota qorannoo isaanii ogbarruu keessattuu waldhabbiin asoosamaa irraatti hojjechu barbaadaniif ni tajaajila. Maalummaa waldhabbiin caaccuulee asoosamaa kanneen biroo irraa adda baasanii beekuuf ni tajaajila.

### **1.5 Daangaa Qorannichaa**

Ogummi yaadrimee bal’aa ofkeessaa kan qabuufi gooroowwan heedduu kan of keessaa qabudha. Haata’u malee, qorannoon kun gooroowwaan oguma barreeffamaa keessaa asoosama dheeraafi caaccuulee asoosamaa dheeraa keessaa waldhabbiin asoosama dheeraa “Dhamaatee Harmee” jedhu irratti daangeffameera. Sababni qorattuun qorannoo kanaa mata duree kanaan daangessiteef hanqinoota jiran kanneen akka hanqina yeroofi maallaqaa fa’a irraa kan ka’e caaccuulee asoosamicha keessa jiran si’a tokkoon ibsuu waan hin dandeenyeefidha.

## **1.6 Hanqina Qorannichaa**

Hanqina qorannoo jechuun qorataan tokko yeroo qorannoo tokko geggeessaa turetti waantota akka rakkootti isa mudataniifi qorannoo sana hojjechuu keessatti waanta gufuu itti taa'udha. Haaluma kanaan qorannoo kana qorattuun yommuu geggeessitu waantonni ishee mudatan kanneen akka gabaabachuu yeroofi hanqina maallaqaa fa'i. Kana malees adeemsa qorannoo keessatti waanti akka hanqinaatti ilaalamu qorannoon kun walduhhabii qofaa irratti waan xiyyeeffatuuf gama itti fayyadama afaanii, akkasumas sirna tuqaalee, caaccuulee hafan biro kanneen asoosama kana keessatti argaman kaasuu dhabuun qorattuu kanaa hanqina isheeti.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

### 2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee

#### 2.1.2 Maalummaa Ogumaa

Ogumi kalaqa dhala namaa dhugaa hawaasa keessa jiru bu'uureffachuun akkaataa miidhagina qabuun haala aartiin kan dhiyaatudha. Ogumi afoolaanis ta'e barreeffamaan amaloota nama bashannansiisu , barsiisu, kakaasu, kofalchiisu, gaddisiisu, gammachiisu, amansiisuufi kanneen kana fakkaatu of keessatti qabudha. Ogumi waan barreeffame mara qofa osoo hin taane kan afaaniin daddarban afoola kanneen akka walaloo ni dabalata. Hayyoota garaagaraan jechi afaan ingilizii "litrature" jedhu afaan Oromootiin ogbarruu jedhamee hiikame. Haa ta'u malee, jechi ogbarruu ogummaa barreeffamaa ta'uu bu'uureffachuun barreeffama qofaaf kan jedhanii mormanis jiru. Uummanni Oromoo ogbarruu ofii qaba. Ogbarruu fayyadamuun haala jiruuf jireenya isaa ibsata. Ogbarruun Oromoo yeroo gara yerootti suutaan dagaagaa kan dhufedha. Haala guddinaafi dagaagina ogbarruu Oromoo keessatti dhiibbaa mootummoonni darban biyya keenya bulchaa turan irraan ga'an irraa kan ka'e afaanichi carraa afaan hojii, afaan barnootaa, afaan sabqunnamtii, afaan qorannoofi qo'annoo akkasumas carraa afaan barreeffaamaa ta'uu sadarkaa eegameen argachuu dhabuun qancaruu danda'eera. Dhalli namaa jiruuf jireenya isaa ittiin geggeeffachuuf ogummaatti fayyadamaa turuun isaa beekamaadha. Ogbarruun immoo damee ogummaa keessaa isa tokkodha. Ogbarruun ogummaa umurii dheeraa qabu ta'uu isaarra kan ka'e hayyoonni garaa garaa yeroo adda addaa keessatti hiika adda adda kennaniiru. Kunis kan agarsiisu ogbarruudhaaf hiika tokko kennuun ulfaataa ta'uu isaati. Kanuma bu'uureffachuun hiika hayyoota muraasaa yoo ilaalle yaada kana Melakneh/1999:1/ waraqaa qorannoo isaa keessatti Sirwreleigh wabeeffachuun yoo ibsu "Litrature is creative work of art which express the truth of experience interms of beauty tobe comprehended and it is ameans of communicating idea of intellectual and social significances jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubannu ogbarruun ogummaa hojii kalaqaa kan muuxannoo dhugaa bifa bareedina qabuun akka hubatamuu danda'utti ibsuufi karaa waliigaltee yaada hayyootaa akkasumas, yaada hawaasa barbaachisan akka ta'edha. Kanaaf yaadolee hawaasa keessa jiran karaa ogbarruutiin hubachuun kan danda'amu ta'uu asirraa hubachuu ni dandeenya.

### **2.1.2.1 Gosoota Ogumaa**

Ogumni bal'inaafi uumama isaatiin yoo ilaalame bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis oguma barreeffamaafi oguma afoolaati. Yaada kana ilaalchisee Zamadkum(2012:10) Waraqaa qorannoo isaa keessatti Fedhasaa (2013) wabeeffachuun yoo ibsu ogbarruun hojii kalaqa afoolaafi barreeffamaa haammatudha. Ogumni kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee ogummaa dandeettii aadaa falaasamaafi haala jiruuf jireenya dhageetti keessoo ofii gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsatanidha. Akka yaada kanarraa hubannutti ogumni: oguma barreeffamaafi oguma afoolaa akka ofkeessatti hammatu kan nutti agarsiisudha. Akasumas oguma afoolaa kan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbu yoo ta'u, ogumni barreeffamaa ammoo kan barreeffamaan dhalootaa dhalootatti daddarbudha.

#### **2.1.2.1.1 Oguma Barreeffamaa**

Ogumni barreeffamaa kalaqamuu qubee hordofuun kan mul'ate yommuu ta'u dame kanaaf madda bu'uuraa kan ta'ee tajaajile og-afaanidha. Kanaafiyyu ogafaan lafee dugda oguma barreeffamaati jechuu nidandeenya. Ogumni barreeffamaa bal'inaafi dhiphina qabuufi dhimmoota ofkeessatti qabatee dhiyaate yookaan ijaarame irratti hundaa'uun iddoowwan garaagaraatti qoodama. Akkaataa ijaaramaafi haala dhiyeenya isaa irratti hundaa'uun oguma barreeffamaa asoosama, walaloofi dooyii/diraamaa/ of keessatti kan hammatudha. Akkasumas asoosamni gosa oguma barreeffamaa keessaa tokko kan ta'eefi oguma barreeffamaa jalatti kan haammatamudha. Yaada kana Zamadkum/2012:10/ waraqaa qorannoo isaa keessatti Beekan Gullummaa Irranaa /2013:8/ wabeeffachuun yoo ibsu dhalli namaa barreeffamaan osoo of ibsu hin eegaliin ogafaan afoolaa yokiin fakkiifi bocaan yaada isaa ibsachaa ture. Ogafaan dameelee adda adda kanneen akka mammaaksaa, oduu durii, sheekkoo, geerarsaafi kanneen kana fakkaatan kan qabu yoo ta'u. Ogbarruun immoo dameelee kanneen akka asoosamaa, og walaloofi dooyii of jalatti kan haammatu ta'uu isaa kan nu hubachiisudha. Akkasumas ogumni barreeffamaa gosa ogbarruu akka ta'e nutti kan mul'isudha.

##### **2.1.2.1.1.1. Asoosama**

Asoosamni damee oguma barreeffamaa ta'ee kalaqa arga yaadaatiin uumamuufi bifa hololootiin barreeffamuu kan ibsudha. Asoosamni seeneffama sababaafi bu'aa bu'uureffatee tartiiba ta'insootaafi raawwiilee garaagaraa kanneen akka namfakiilee, yoomessa, waldhabbii, qooddattootaan gochi ijaaramee kan qindaa'ee deemudha. Asoosama jechuun waanta tokko osoo hin taane waanta ta'uu danda'u waan dhugaa fakkaatu jechuudha.

Addunyaa akka waan harkatti qabatani namattii fakkeessa. Warra hinbeeknee wajjiin akka booyan , gammadan, gaddan, rakkataniifi, dhiphatan nama taasisa. Jechoota salphaatti fayyadamee waan barreeffamuuf dubbisuun isaa nama hawwachisa. Kana malees asoosamni yaada dubbisaafi barreessaa walitti fiduu qofa osoo hin taane namoonni yaada sammuu isaaniitiin akka burqisiisan isaan godha. Yaada kana Zamadkum /2012:10/ waraqaa qorannoo isaa keessatti Meryer /1997:11-12/ wabeeffachuun yoo ibsu dhugummaan dubbisaafi hojii kalaqa tokkoo uumuudha. Yaada kanarraa waanti hubatamu hojiin dubbisaafi barreessaa inni guddaan waanta tokko bifa haaraa yokiin kalaqa qabuun kalaquun kaa'uudha. Asoosama bakka lamatti qoodnee ilaaluu ni dandeenya.

#### **2.1.2.1.1.1 Asoosama Dheeraa**

Asoosamni dheeraan asoosama bal'aa (asoo bal'oo) jedhamee beekama. Akaakuun asoosamaa kun bal'ina qabuufi dhimmoota heedduu of keessatti hammachuun kan ijaaramu og barruu hololoo, kalaqa sammuu kan arga yaada barreessaatiin uumamudha. Asoosamni dheeraan dhimmota heedduu waan ofkeessatti haammatee barreeffamuuf akka asoosama gabaabaa dubbisanii hubachuuf yeroo gabaabaa keessatti xumuruuf kan salphatu miti. Asoosamni kun qooddataa heedduu kan hirmaachisudha. Dhimmoota danuufi walxaxoo ta'an of keessatti hammatee dhiyaata. Barreessuuf akkasumas dubbisanii xumuruuf yeroo dheeraa kan fudhatudha. Kana malees boqonnaalee yokiin kutaalee garaa garaatti qoodamee dhiyaachuu kan danda'udha. Kanaafuu asoosamni dheeraan kallattii garaagaraatiin yommuu madaalamu bal'ina, gadi fageenya yaadaafi walxaxinsa kan qabudha. Asoosamni dheeraan seenessa bal'aa kan of keessaa qabu waan taa'eef akka hojii kalaqaatti kan fudhatamudha. Tartiiba ta'insa muuxannoo dhala namaan walqabsiisee kan dhiyeessudha. Waan fedheefis ta'e asoosamni dheeraan kalaqa seenessa hololoo dheeraa namaafi amaloota, raawwilee dinqisiisoofi hawwii haala dhokataa ta'een yokaan fuuldura waraabameen fedhiifi muuxannoo namootaa kan dhiyeessudha. Yaada kana ilaalchisee Misgaanuun /2011:08/ irrattii akka ibsetti asoosama dheeraa qaaccessuu keessatti waan guddaatuun qaaccessa irraa eegama. Akka asoosama gabaabaa walal;fi barruu xiqqoo tokko waan hin taaneef nama qaaccessu tokko keessatti miira heedduu uuma. Asoosama dheeraa qaaccessuun ammam dadhabsiisaa ta'uyyuu waa heedduu barruufi hojjechuuf carraa guddaadha. Sababni isaayyuu ergaawwan gurguddoofi xixiqqoon waan keessatti argamaniifidha. Yaada kanarraa waanti hubatamu asoosamni dheeraan seenessaa bal'aa qaaccessi isaa hojii cimaa gaafatuufi akka asoosama gabaabaa ergaa gabaabaa qofa kan hin qabneefi ergaa gurguddaafi xixiqqoos of

keessaatti kan haammaatu, akkasumas nama asoosam dheeraa qaaccessuufi barnoota heedduu kan dabarsu, muuxannoo hojii cimaa kan kennudha.

#### **2.1.2.1.1.2 Asoosama Gabaabaa**

Asoosamni gabaabaan asoogee, asoomaddee yokiin asoosama xiqqaa jedhamee waamamuu ni danda'a. Asoosamni gabaabaan hojii kalaqa barreessaa ta'ee seeneffama yeroo gabaabaa keessaatti raawwatamaniifi raawwachuun danda'amu barreessaadhaan kalaqamee, bifa hololootiin barreeffamudha. Yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee xumuramuu kan danda'udha. Asoosamni gabaabaan daqiiqaa 30 hanga saa'atii lamaatti dubbifamee kan xumuramudha. Jechoota 1,600-20.000 ta'aniin barreeffamee kaayyoo bu'uura tokkorra ga'uuf kan qophaa'u asoosama gabaabaa jedha. Yaadaa kanarraa kan hubannu asoosamni gabaabaan dadhabbi tokko malee kan dubbistoonni dubbisuun hubatan akka ta'e kan nu hubachiisudha. Fakkeenyaaf, asoosamoota gagabaaboo afaan Ormoo barreeffaman keessaa kanneen akka *Dukkanaan Duuba* Dhaabba Wayyeessaatiin, *Danaa* Asafaa Tafarraatiin, *Dhaamsa Abbaa Gaddisaa* Birruuttiin kan barreeffamanii turan fakkeenyoota asoosama gagabaaboo ta'uu danda'u.

#### **2.1.2.1.1.2 Caacculee Asoosamaa**

Caaccuuleen yokiin firiiwwaan asoosamaa waantota asoosamni tokko irraa ijaaramudha. Caaccuuleen kun akaakuuwwan asoosamaa mara keessatti bifa garaagaraatiin mul'achuu nidanda'u. Karaa biraatiin asoosamni kamiyyuu caaccuulee kanaan ala uumamuu hin danda'u. Asoosamni caacculee garaagaraa kanneen akka jaargocha, waldhabbi, yoomessa, ergaafi kan kana fakkaatan of keessa kan qabudha. Yaada kanarraa kan hubannu waldhabbiin caaccuulee asoosamaa keessaa tokkoo akka ta'e kan nutti agarsiisudha.

#### **2.1.2.1.1.2.1 Qooddattoota**

Qooddattoonni namoota yokiin kanneen biro seenaa asoosama tokkoo keessatti hirmaachuun yaadaa asoosamichaa galmaan ga'uuf kanneen socho'anidha. Qooddattoonni namfakiilee ta'an namoota ta'anii namoota addunyaa dhugaarra jiran bakka bu'uun kanneen hirmaatanidha. Isaan kun akkuma namaatti haasa'u, yaadu, sooratu, socho'u, miireffatu. Kanaafuu namfakiileen namoota addunyaa dhugaarra jiran bakka bu'uun barreessaadhaan uumamaani seenaa asoosama tokkoo keessatti qooda fudhatanidha jechuudha.

#### **2.1.2.1.1.2.2 Jaargocha**

Jaargochi akaakuu caaccuulee asoosamaa ta'ee ijaarama gochoonni garaagaraa uumaniin iftoomudha. Seenaan asoosamaa gochoota garaagaraa irraa kalaqama. Gochoonni kanneen

immoo haala walhidhatinsa qabuun wal duraa duubaan qindaa'uu qabu. Gochoonni bifa kanaan wal hordofanii ijaaraman walqabatinsa sana cimsuurra darbee seenicha halluu miidhaginaa gonfachiisuu ni danda'a. Haaluma kanaan gochoonni bifa miidhagina qabuun wal duraa duuba ijaaraman kunnin inni tokko isa biraatiif ka'umsa ta'a. Inni kaan immoo bu'aa isa biraa ta'ee mul'ata. Seenaan asoosama tokkoo ka'umsa, gidduufi xumura niqabaata. Gocha ka'umsaa irraa ka'ee guddachaa deemutuu dhuma irratti furmaata argata.

#### **2.1.2.1.1.2.3 Kallattii Seenessuu**

Kallattiin seenessuu kallattii seenaan asoosama tokkoo itti himamu kan akeekudha. Kunis seenaa sana eenyutuu seenesse, eenyuuf immoo seenessee gaaffii jedhu kan deebisudha. Karaa biraatiin garumsi iddoo seenessaan seenaa sanaa dhaabbatee seenaa himu kan ibsudha. Seenessaan seenaa himamu tokko keessatti ofii isaatiifis qooda fudhachaa deemuu danda'a. Yokaan immoo seenaa sanaa ala ta'ee waan dhaga'eefi waan arge qaama biraatiif gabaasuudhaan seenessuu danda'a.

#### **2.1.2.1.1.2.4 Yoomessa**

Jechi yoomessa jedhu jechoota yoomiif eessa jedhu irraa walitti camadamuun kan moggaafame yoo ta'u bakkaafi yeroo raawwii gochootaa kan ibsudha.

#### **2.1.2.1.1.2.5 Ergaa**

Ergaan yaada gidduu gala asoosama tokkooti. Asoosamni ergaawwaan garaagaraa dabarsuu kan danda'u yommuu ta'u asoosamni sun dubbifamee erga xumuramee booda yaadni yokiin hubannoon dhuma irratti argamu ergaa jedhamuun kan fudhatamudha.

#### **2.1.2.1.1.2.6 Waldhabbi**

Wadhabbiin falmii humnoota gurguddoo lamaan gidduutti geggeeffamudha. Falmiin kun waldhabbi yaa dotaa yokiin gochoota garaagaraa irraa maddudha. Asoosamni cimaa tokko waldhabbi cimaa ta'e of keessatti haammatee dhiyaata. Qoodattoonni asoosamicha keessa jiran kaayyoo fi fedhii garaagaraa qaban irraa kan ka'e walitti bu'uu danda'u. Inni tokko kaayyoo isaa dhugoomsuuf yommuu tattaafatu inni tokko immoo kaayyoo isaa gufachiisuuf yaalii taasisa. Jireenya addunyaa kanaa keessatti dhalli namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhiphina hacuuccaafi rakkina adda adda isa qunnamu danda'a. Jireenya addunyaa kanaa keessatti dhalli namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhiphina, hacuuccaafi rakkinni adda addaa isa qunnamu danda'a. Isaan kanneen mo'achuuf namni sammuu isaa wajjiin, uumama wajjin, namoota wajjiin akkuma waldhabu waldhabbiin asoosama keessatti mul'atu qoodattoonnis ofii isaaniitiin yommuu waldhaban, uumama



wajjiin yommuu waldhaban, namoota wajjiin yommuu waldhaban argina. Isaan kanneentuu waldhabbii jedhama. Haaluma kana fakkaatuun Melaakneh (1995:63) waldhabbii yoo ibsu “conflict is a clash of actions, ideas, desires or will” jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubannu walitti bu’insa gochootaa yaadaafi fedhii namoota gidduutti uumamu jechuudha.

#### **2.1.2.1.1.2.6.1 Gosoota Waldhabbii**

Asoosama dheeraas ta’e asoosama gabaabaa keessaatti gosoonni waldhabbii garaagaraa ni mul’atu. Qoqqooddii waldhabbii ilaalchisee hayyoonnii garaagaraa waldhabbii iddoo adda addaatti qoodaniiru. Isaan keessaa immoo yaada kana Zamadkum(2012:11) waraqaa qorannoo isaa keessatti Zarihun (1992:147) wabeeffachuun yoo ibsu gosoota waldhabbii iddoo afuritti qoodee jira. Akka yaadni websayitii HTTP/WWW conflict type jedhu ibsutti waldhabbiin bakka shanitti qoodama. Isaanis:

##### **2.1.2.1.1.2.6.1.1 Waldhabbii Qooddataan Sammuu Isaa Wajjiin Taasisu**

Waldhabbiin kun karaa biraatiin waldhabbii keessa jedhamee beekama. Waldhabbiin kun kan uumamu yommuu qooddataan sammuu isaa wajjiin mormii uumudha. Mormiin isaa kunis waantota sammuu namaa dhiphisan kaayyoo fi fedhii irraa kan maddudha. Yaada kana ilaalchisee Zamadkum (2012:12) Waraqaa qorannoo isaa keessatti Melaaknesh (2008:207) wabeeffachuun yoo ibsu “Internal conflicts a conflict which is take place between two contending force in the mind of the hero” jedha. Yaada kanarraa kan hubannuu waldhabbiin keessaa walitti bu’insa yaadota faallaa lama kan sammuu qooddataa keessatti argaman gidduutti raaawwatamu akka ta’e ibsa.

##### **2.1.2.1.1.2.6.1.2 Waldhabbii Qooddataafi Qooddataa**

Waldhabbiin qooddataafi qooddataa gidduutti uumamu sababa amantaan, fedhii adda addaatiin, kaayyoodhaan, ilaalchaan, garaagarummaa qaban irraa kan ka’e walitti bu’insi ni uumama. Yaaduma kana kan deggaru Shibirreen (2008:9) waraqaa qorannoo ishee keessatti yoo ibsitu “waldhabbiin qooddataafi qooddataa gidduutti uumamu gosa waldhabbii qooddattoonni lama fedhii, kaayyoo, amantaa, ilaalcha adda adda qabaachuu irraa kan ka’e waldhabbii gidduu isaanittii uumame agarsiisa jetti. Yaaduma kana fakkaatu Ascanniq (2010:) waraqaa qorannoo isaa keessatti Cuddon (1999:188) wabeeffachuun waldhabbii qooddataafi qooddataa gidduu yoo ibsu “ conflict that occur between character are depend on their with and different objective they have” jedha. Yaadni kun akka mul’isutti waldhabbiin qooddattoota gidduutti uumamu kan irratti hundaa’u hawwiifi kayyoo garaagaraa isaan qabatanii ka’an irrati.

### **2.1.2.1.1.2.6.1.3 Waldhabbi Qooddattaafi Humnoota Uumamaa**

Namoonni jiraachuuf jecha qalbiin waan yaade bira ga'uuf uumama waliin wal'aansoo ni uuma. Fakkeenyaaf dhalli namaa muka bosonaa ciree qotachuuf jecha qaamota mukaa adda adda wajjin waldhabbi ni uuma. Yaada kana Shibirreen (2008:10) waraqaa qorannoo ishee keessaatti "waldhabbiin kunimmoo waldhabbi namni tokko jiraachuuf jecha uumama wajjiin waldhabudha" jetti.

### **2.1.2.1.1.2.6.1.4 Waldhabbi Qooddattaafi Hawwasummaa**

Waldhabbin kun kan uumamu namni tokko yokiin gareen tokko aadaa, duudhaa, safuufi haala jiruuf jireenya hawaasichaa waliin walitti bu'udha. Amantaa, falaasama, ilaalchaafi sirna ittiin bulmaata hawaasichaa fudhachuu dhabuun nama tokko yokiin garee namoota hawaasicha gidduutti waldhabbiin ni uumama. Yaada kana Zamadkum (2012:12) waraqaa qorannoo isaa keessatti Cassidy (1991:706) wabeeffachuun yoo ibsu "waldhabbiin hawaasaafi qooddattoota gidduutti yommuu namni tokko duudhaa garee hawaasa tokkoo kuffiisuuf hawaasichi immoo harka kennachuu diduun yaada wal falman jechuudha" Jedhee ibsa. Yaadni cuunfaa hayyuu kanaa yommuu qooddataan tokko ejennoo safuu hawaasaa waliin hin deemne qabatee yoo ka'u hawaasichi immoo balaaleffachuun waldhabbi uuma jechuudha.

### **2.1.2.1.1.2.6.1.5 Waldhabbi Qooddataan Teknoolojjii Waliin Taasisu**

Gosti waldhabbi kanaa kan uumamu qooddattoonni asoosama keessatti argaman waantota teknoolojiin walqabatani wajjiin walitti bu'insa taasisanidha. Qooddattoonni asoosamaa waan haaraa argachuuf teknoolojiitti gargaaramu. Haata'u malee yeroo tokko tokko maashinoonni adda addaa kanneen isaan itti gargaaraman yaada isaan karoofatan jalaa fashaleessa. Yeroo kana immoo waldhabbiituu uumama.

### **2.1.2.1.1.2.6.2 Faayidaa Waldhabbi**

Akkuma qaamni namaa waantota garaagaraa irraa ijaaramu asoosamni caaccuulee isaa guuttatee kan ijaaramudha. Kanaaf ijaarsa asoosama tokkootiif waldhabbiin isa bu'uuraafi lafee dugda asoosamaati. Faayidaa waldhabbi keessaa tokko seenaa asoosamichaa akka itti fufu taasisuudha. Waldhabbiin yoo hin jirree immoo seenaan asoosamichaa bakkuma jirutti dhaabatee hafa jechuudha. Fedhiin dubbistoota kan qabamu yaada waldhabbiin seenaa asoosama tokkoo keessatti qabuunidha.

### **2.1.2.1.1.2.6.3 Amaloota waldhabbi**

Asoosamni tokko asoosama kan ta’u caaccuuleen asoosamaa wal keessa galan tokko ta’anii yoo dhaabbatanidha. Caaccuulee asoosama tokkoof barbaachisaa ta’an keessaa waldhabbiin isa tokkodha. Kunis seenaan asoosama tokko gara fuulduraatti akka deemu kan godhuufi asoosama tokkoof akka lafee dugdaatti kan ilaalamudha. Waldhabbi bu’a qabeessa kan isa taasisu amala mataa isaa qaba. Yaada kana akka Ascanniq (2010:) Jaffe fi Scott (1996:5) wabeeffachuun ibsanitti”amaloota waldhabbi kan ta’an kanneen akka tokkummaa, amanamummaafi dagaagina” jechuun kaa’u.

#### **2.1.2.1.1.2.6.3.1 Tokkummaa (unity)**

Amaloota waldhabbi taatotaxiinxaalu keessaa kan akka jalqabaattii ilaalamu amala, tokkummaa isaati. Maalummaa tokkummaa waldhabbi iratti Ascanniq (2010: ) waraqaa qorannoo isaa keessatti Jaffe fi Scott (1996:3) irratti, “qindaa’ina jechuun adeemsi waldhabbi seenichaa kan jalqabaa kaasee amma dhumaatti wal hordofaa deemudha” Jedhu. Yaadni kun kan nu hubachiisu, ogbarruu keessatti tokkummaan kan yaanni marti uumaan jaiqabaa kaasee hamma xumuraatti hariiroo kan qabanidha. Kunis yaanni waldhabbi uumaan kan wal gadhiisaa adeemu miti jechuudha.

#### **2.1.2.1.1.2.6.3.2 Amanamummaa (Reliability)**

Amanamummaan haala dhiyeenya dhugummaa qooddattootaa ta’ee, waliin dubbii yokiin dubbiin yaadni dhiyaatu qabatamaa ta’uu qaba. Garuu guutummaan guutuutti dhugaa ta’uu osoo hin taane dhugaa iratti hundaa’uun kan uumamu ta’uu qaba.

#### **2.1.2.1.1.2.6.3.3 Dagaagina**

Waldhabbiin asoosama tokko kan inni dagaageera jedhamu yeroo qooddataan asoosamichaa jijjiirama bu’a qabeessa ta’e argatudha. Akkasumas waldhabbi uumaman keessatti humnoonni wal morman sun ciminni isaanii wal gituun hanga dhumaatti yeroo deemu jechuudha.

## **2.2 Sakatta’a Barruu Walfakkii**

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu sakatta’a barruu walfakkii yokaan qorannoo kana dura hojjetame wajjin walbira qabani ilaaluun barbaachisaadha. Kunis hanqinaafi cimina qorannoo duraan tureefi kan amma hojjetamee wal bira qabani xiinxaluun yaada sirreeffaman yokiin yaada dabalataa kaa’uudha. Qorannoowwan sakatta’aman kunis kallattiin yokiin alkallattiin dhimmi isaan walfakkeessuu akkasumas garaagara isaan taasisuu danda’u

ni jiraata. Qorannoowwan qorannoo kanaan walfakkaatan keessa muraasni kanneen armaan gadiiti.

### **Qorannoo Shibirree Bantii**

Qorannoon Shibirree Bantiin dalagame “Xiinxala walhabbi asoosama raayyaa dhugaa” jedhu waxabajji /2008/2016 finfinneetti kan dalagamedha. Shibirreen Bantii boqonnaa afuritti qooduun qoratteetti. Boqonnaan tokkoffaan duubee qorannoo, ka’umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqina qorannoo fi malleen qorannichaa of keessatti ammatee kan dhiyaatedha. Boqonnaan lammaffaan immoo tiyooriifi sakatta’insa qorannaalee walfakkii ta’a. Boqonnaan sadaffaan immoo walhabbiwwan gurguddoo asoosamicha keessatti mul’atan agarsiisa. Boqonnaa arfaffaa keessatti immoo yaadaafi qabxiiwwan irra ga’aman mul’isa.

### **Wal fakkeenya Qorannoowwan kun qaban**

Qorannoon keenya lameenuu walhabbi asoosama keessatti argamu irrattii kan geggeeffamedha.

Qorannoowwan kun walhabbi asoosamaa gadi baasanii agarsiisu.

Gosaannii walhabbi qorannoo lamaan keessatti wal fakkaatu. Kuns gosoota walhabbi qooddataaf qooddataa, qooddataafi mataa isaa, qooddataafi uumama, qooddataa fi uumaa kan of keessatti haammatudha. Inni kan biroon wal kakkeenyi qorannoon keenya qabu lamaan isaayyuu yuunversiitii finfinneetti hojjetame.

### **Garaagarummaa qorannoon kun qorannoo kiyya waliin qabu:**

Garaagarummaan qorannoon keenya qabu inni guddaan mata duree irratti hojjetamedha. Kana jechuun Shibirreen qorannoo ishee “Xiinxala walhabbi asoosama raayyaa dhugaa” jedhu irratti kan geggeessite yoo ta’u. Ani immoo “Qaaccessa walhabbi asoosama dheeraa dhamaatee harmee” jedhu irratti kana geggeessaan jira. Qorannoo Shibirree keessatti walhabbiwwan siyaasaa Innini ka’u. Qorannoo kana keessatti ammoo walhabbiin siyaasaa hin ka’u.

Qorannoon Shibirree boqonnaa afuritti kan xumuramedha. Qorannoon koo immoo boqonnaa shanittii xumuramee jira. Ani qorannoo kana bara 2013/2021 hojjedhe. Shibirreen immoo bara /2008/2016 hojjetete.

### **Kan biraan Qorannoo Zamadkum Taadduuti.**

Qorannoon walfakkii inni biraan qorannoo Zamadkum Taadduun dalagamedha. Qorannoon kun “Qaaccessaa waldhabbii asoosama dheeraa madaa ciqilee” Jedhudha. Qorannoon kun muddee /2012/2020 kan hojjetamedha. Qorannoon kun boqonnaa shan of keessatti haammatee dhiyaata. Boqonnaa tokko keessatti seenduubee qorannoo, ka’umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoofi daangaa qorannoo kan of keessatti qabatee dhiyaatudha. Boqonnaa lama keessatti ammoo maalummaa ogbarruufi sakatta’a barruu walfakkii kan qabatudha. Boqonnaa sadii keessatti ammo malleen qorannoo, saxaxa qorannoo, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaalee, sakatta’a dookumentiifi, malleen xiinxala ragaalee of keessatti qabata. Boqonnaa afur keessatti ammo gosaata waldhabbii asoosama madaa ciqilee keessatti argamu xiinxala. Boqonnaa shan keessaatti gudunfaa, yaada furmaataafi wabiilee kaa’ee jira.

### **Walfakkeenya qorannoon kun qorannookoo waliin qabu**

Wal fakkeenya qorannoo keenyaa waraqaa qorannoo digirii jalqabaatiif hojjetame ta’uun isaa wal fakkeenya isaati. Lamaanuu boqonnaalee garaagaraa shan of keessa qabu. Boqonnaan tokkoffaan seen duubee qorannichaati. Boqonnaan lammaffaan sakatta’a barruu wal fakkiiti. Sadaffaan saxaxa qorannichaati. Boqonnaan araffaan immoo bakka xiinxalli hojichaa itti raawwateefi boqonnaan shanaffaan ammo yaada argannoofi cuunfaadha. Waldhabbii asoosama keessa jiru irratti kan xiyyeeffatanidha. Lamaanuu afaan oromootiin kan geggeeffamedha.

### **Garaagarummaa qorannoon kun qorannookoo waliin qabu:**

Akkuma beekamu garaagarummaan qorannoon keenya qabu inni guddaan mata duree qorannoo keenyadha. Zamadkum Taadduu qorannoo isaa “Qaaccessaa waldiddaa Asoosama dheeraa madaa ciqilee” jedhu irratti kan geggeesse yoo ta’u: Ani immoo “Qaaccessaa waldhabbii asoosama dheeraa dhamaatee harmee” jedhu irrattii kanan qaaccessedha. Qorannoon Zamadkum Taadduu bara 2012/2020/ kan geggeeffamedha. Qorannoon koo immoo bara 2013/2021/ geggeeffame. Ani qorannookoo yuunversiitii finfiinneettin hojjedhe. Zamadkum immoo Boqojjii Arsii hojjetame.

### **Inni kan biraan Qorannoo Ascanniq Xilaahuniin hojjetamedha.**

Qorannoon Ascanniq Xilaahuniin hojjetame “Qaaccessaa walduhhabii asoosama dheeraa Hambaa Du’aa”jedhu keessatti argamudha. Qorannoon kun waxabajji 2010/2018/ yuunversiitii finfiinneetti kan hojjetamedha. Qorannoon Ascanniq Xilaahun kun boqonaalee afuritti qoodamee hojjetame. Boqonnaa tokkooffaa keessatti Ariirata qorannoo, ka’umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, faayidaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqina qorannofi malleen qorannoo of keessatti qaba.Boqonnaa lama keessatti maalumma walduhhabiiifi sakatta’insa barruu wal fakkii haammatee jira.Boqonnaan sadii walduhhabiiwwan gurguddoo asoosamicha keessatti mul’atan agarsiisa. Boqonnaan arfaffaan immoo gudunfaa, argannoo fi yaada furmaataa kan kaa’udha.

### **Walfakkeenyi Qorannoon keenya qabu.**

Qorannoon keenya lamaanuu digirii jalqabaatiif kan hojjetamedha. Walduhhabii asoosama keessa jiru irraatti kan dalagamedha. Kana malees qorannoon kun lameenu yuunversiitii finfinneetti kan hojjetamanidha.

### **Garaagarummaa Qorannoon keenya Qabu.**

Garaagarummaan qorannoo keenyaa inni guddaan mata duree keenyadha. Inni kan biroon qorannoon Ascanniq bara 2010/2018/ kan hojjetamedha. Qorannoon koo immoo bara 2013/2021/ kan hojjetamedha. Ascanniq Xilaahun qorannoo isaa keessatti boqonnaa afuritti xumure. Qorannoon kiyya garuu boqonnaa shanitti kan xumuramedha.

## BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti adeemsifame walddhabii asoosama dheeraa “Dhamaatee Harmee” jedhu keessatti argaman sakatta’uun dhiyeessuu irrati. Hojiin qorannoo kun Waa’ee dhimma kanaa odeeffannoo haaraa kan argamsiisuu waan ta’eef, akaakuu qorannoo keessaa qorannoo bu’uuraa jalatti kan isa ramachiisuu ta’a. Haala dhiyaanaa isaan yoo ilaalee immoo maaltuu?, akkamiiti ta’a?, maaliif? gaaffilee jedhaniif sababa deebii laatuuf qorannoo ibsiituu jalatti ramadama. Kana malees, lakkoofsaan osoo hin ta’iin jechaafi yaadaan ibsuuf waan deemuuf qorannoo yaadrimee yookaan akkamtaa jala gala.

### 3.2. Madda Ragaalee

Madda ragaalee jechuun waantoota qorataan qorannoo tokko hojjechuuf odeeffannoo irraa fudhatee akka maddaatti itti dhimma ba’e jechuudha. Kanuma irraa ka’uun qorattuun qorannoo kanaa geggeessuuf, akka madda ragaatti kan isheen itti gargaaramtu kitaabota adda addaafi waraqaa qorannoo garaagaraadha. Keessumaa immoo kitaaba asoosamaa qorannoo irratti geggeessaa jirtu akka madda ragaa tokkoffaatti kan itti dhimma baatu ta’a. kanaafuu, akka waliigalaatti maddi ragaa qorannoo kanaa kitaabota adda addaafi waraqaalee qorannoo garaagaraa ta’a jechuudha.

### 3.3. Meeshaalee Funnaansa Ragaalee

Qorannoo tokko geggassuuf ragaa funaanuun baay’ee murteessaadha. Ragaaleen kun immoo meeshaalee ittiin funaanaman garaagaraa qabu. Qorattuun qorannoo kanaas meeshaalee ragaan ittiin funaanamu keessa wantoota mataduree qorannoo ishee wajjiin walqabatan, kitaabota adda addaafi waraqaalee qorannoo garaagaraa dubbisuun sakattaa’a dookumenttiti dhimma baatee jirti.

### 3.4. Mala Iddatteessuu

Hojiiqorannoo tokko keessatti iddattoo muraasa fudhachuun qorannoo adeemsiisuun barbaachiisaadha. Innis amanamummaafi fudhatamummaa qorannoo sanaatif murteessaadha. Mala iddatteessu qorannoo kanaa rawwaachuuf qorattuun kitaabiilee asoosama afaan oromoon barreeffamanii jiran keessaa kitaaba asoosama “Dhamaatee Harmee” jedhu irratti qorannoo kana geggeessuf naaf mijata yookiin sakatta’een bira ga’a jettee filatte. Kanaafuu, fuula jalqabaa irraa kaasee hanga dhumaatti gosoota walddhabii kitaabicha keessatti argaman

addaa baasuun qaaccessitee jirti. kanaaf akka waliigalaatti qorattuun mala iddatteessuu miti carraa keessaa akkayyoon iddatteessuu kan fayyadamteetti.

### **3.5. Tooftaalee Xiinxala Ragaalee**


Ragaaleen sakatta'a dookumeentiin argaman jechaafi yaadan qindaa'anii dhiyaatan waan ta'eef akkamtaa fayyadamuu koo kan agarsiisu ta'uu isaa armaan olitti ibseen jira. Kun kan ta'eef akkuman saxaxa qorannichaa jalatti kaasee jiru, hojiin qorannoo kanaa lakkoofsaan osoo hintaanne ibsa yaadaa wajiin waan walqabatuuf. Haaluma kanaan gosoonni walduhabbii kitaaba asoosamichaa keessaa funaanaman hundii fuula irratti argaman eeruun, akkasumas qaaccessi isaanii wal duraa duubaan kan dhiyaatan ta'u. gosoonni walduhabbii asoosama sana keessaa funaanamanii qaacceeffamuuf deeman kunis kanneen akka: walduhabbii namaafi namaa, walduhanbbii namaafi uumamaa, walduhabbii ofiin ofii/ walduhabbii qooddataafi sammuusaa, walduhabbii qooddataafi uumaa, kkf ta'u jechuudha. Haaluma kanaan gosoonni walduhabbii asoosamicha keessatti argaman kun addunyaa dhugaa keessatti maal akka fakkaataniifi seenaa asoosama sanaa gara fuulduraatti akka tarkanfaatuun gahee akka qaban wal duuraa duubaan kan ilaalaman ta'u.



## BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

### 4.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Asoosama “Dhamaatee Harmee”

Kitaabni asoosama “Dhamaatee Harmee” jedhu kun Onkoloolessa, 2012 Mulaatuu Baqqalaa Dafarshaa barreefamee maxxanfameedha. Manni maxxansaa kitaabni asoosamaa kun itti maxxanfame ammoo *Subii Printing Press* jedhama. Kitaabni kun fuula duraa irratti mata duree asoosamicha, maqaa barreessaafi bara maxxansaatu irratti argama. Dabalataanis, kitaabni kun fuula 1 hanga 82 kan of keessaa qabudha. Kana malees, qoola duubaa asoosama sanarratti ammoo seenaa barreessaa kitaaba sanaa, maqaa gulaalaafi yaadasaa, mana maxxansaa kan qabuudha. Barreessaan kun yeroo kitaaba asoosama kanaa barreessu barataa saayinsii kompputeraa waggaa Arfaffaa yuunvarsitiiti Amboo ture. Bakki kitaabni kun itti maxxanfame ammoo subii printing press jedhama. Akka yaadni qola kitaaba sanarraa ibsutti Mulaatuun erga kitaaba asoosama dhamaatee harmee jedhu kana barreessaa ammas itti dabaluun kitaaba asoosama biraa barreessaa akka jiru ibsa. Kanaafuu, Mulaatuun kitaaba dhamaatee harmee jedhu malee kitaaba asoosamaa biroo kan barreessa jiru jechuu ni dandeenya. Akka waliigalatti yaadni asoosamni kun kaasu garuu, ilaalchootafi miidhaa uummata Oromoo irra karaa gama siyaasaa, dinagdee, aadaa, amantaa, afaanii, hawwasummaafi kkf baroota darban keessa gahaa tureefi har'as irra gahaa jiru kan ibsuudha.



*Fakkii qola kitaaba asoosama “Dhamaatee Harmee” fuulduraafi duubaa agarsiisu*

## **4.2. Qaacceessa Waldhabbiwwan asoosamicha keessa jiran**

Waldhabbiin caacculee asoosamaa keessaa tokko ta'ee gosoota adda addaatti qoqqoodamuu kan danda'uudha. Gosoota waldiddaa kana keessaas barreessaan asoosama kanaa waldhabbii namaafi namaa/ qooddataafi qooddataa, waldhabbii qooddataafi sammuu isaa/ qooddataafi xiinsammuu isaa, wal dhabbii qooddataafi uumamaati dhimma bahuun barreessaan asoosama kanaa ergaa dabarfachuu barbaade akka dabarse qorattuun qorannoo kanaa kitaaba kana keessa waldhabbiwwan jiran sakatta'uun bira ga'uu dandeessee jirti. Gosoonni waldhabbii kitaabicha asoosamaa keessaa funaanaman ammoo akka kanaa gadii kanatti wal duraa duubaan kan qaacceeffaman ta'u.

### **4.2.1 Waldhabbii Namaafi Namaa**

Waldiddaan qooddataafi qoodaataa yookaan namaafi namaa kan uumamu qooddattoonni seenaa asoosamichaa keessatti garaagarummaa ilaalchaa, fedhii, yaadaafi k.k. f irraa ka'uun kan waliitti bu'aniidha. Haaluma kanaan gosoonni waldhabbii namaafi namaa asoosama "Dhamaatee Harmee" jedhu kana keessatti argaman haala armaan gadii kanaan kan qaacceeffaman ta'u.

#### **4. 2.1.1 Waldhabbii Bilisummaafi Tonkoluu**

Seenaa asoosama 'Dhamaatee Harmee' jedhu keessatti qooddattoonni Bilisummaafi Tonkoluu jedhaman kun akkuma namoonni jiruufi jireenya keessatti dhimmoota garaagaraa irratti waldhabaa jiraatan seenaa asoosamichaa keessatti bakka itti walitti bu'an qabu. Iddoo taattoonni kun itti waldhaban kunis kitaabicha keessaa bifa waraabbiin fudhatamuun qaaccessa isaa waliin akka armaan gadii kanatti dhiyaateera.

*Namichi maqaan isaa Tonkoluu jedhamu fuuldura hospitaalaa sanaa kophee bareechaa ture. Yeroo Bilisummaan karra sana cinaa dhaabatee Lalisee eegu argee Bilisummaadhaan maal asii gootaa? deemi! Asii maal gootaa? jedheen. Bilisummaan isaa ijaan ciinaa isaa ilaalaa "maali obbo Tonkoluu lafatuu natti ulfaatee iyyata siiti kennatemoo? jedheen. "Ammaa ani oduu hin barbaadu deemi!" jedheen obboo Tonkoluu. Bilisummaan ijaan gara hospitaalaa ilaaluusoo hin daganne "maalii? Obbo warri bakka biraatii godaananii Oromiyaattidhufan yaadeeman malee ani dachee haadhaafi abbaa kiyyaarraa eessan deema?" jedheen. Baay'ee namicha kana tuffatee dhaabiisaa itti fufe ( fuula, 16)*

Waraabbii armaan olitti fudhatame kana keessatti gosti waldiddaa argamu waldhabbii alaa keessaa waldhabbii namaafi namaati. Kunis Bilisummaanfi Tonkoluu gidduutti waldhabdee uumamedha. Akka seenaan asoosama kana keessa jiru ibsutti, Bilisummaan ilma Oromooti. Tonkoluun garuu saba Amaaraa keessaa gara dachee Oromiyaa kan dhufedha. Bakki waldhabbiin kun itti raawwatame Naannoo Oromiyaa Magaalaa Amboo hospitaala Amboo fuulduratti. Yeroo waldhabbiin kun itti raawwatame immoo akka seenaan asoosamichaa ibsutti, yeroo Bilisummaan beellama Lalisee irratti argamuuf jedhee wiixata naannoo sa'atti kudha tokkoo (11:00) bajaajjiirra bu'ee hospitaala Amboo sana fuuldura dhaabbachaa tureedha. Sababni waldhabbiin kun Bilisummaafi Tonkoluu gidduutti uumames akka ergaa waraabbii fudhatame kanarraa hubatamutti, lafa Oromoo irratti ta'uu isaa kan ibsuudha. Sababni isaa Tonkoluun sabaan dhalataa warra kaabaa ta'ee osoo jiruu, Bilisummaa dachee abbaa isaa yookaan dachee Oromiyaa irra dhaabbataa jiruun akka lafa abbaa isaa ta'eetti gurbaan sabaan Amaara ta'e kun "deemi! asii maal gootaa?" ittiin jedhe. Waldhabbiin kun dhugaa addunyaa keessa jiruun yoo ilaalamu, dhugaama jiidha. Yaadni waliigalaa seenaa asoosamichaa keessatti waldhabbiin kan irratti uumame kunis, Oromoon lafa isaa irratti kabajamuu dhabuu, lafa isaa irratti ifatamuufi lafa isaa ormi akka kan mataa isaatti falmuu isaa kan agarsiisudha. Ergaan waraabbii armaan olitti fudhatame kanaas yaaduma kana darsuudha. Waldhabbiin kun addunyaa dhugaa keessattis haaluma kanaan kan beekamuudha.

#### **4.2.1.2 Waldhabbii Hiiktuufi Lalisee**

Hiiktuufi Laliseen seenaa asoosama sanaa keessatti qoodda kan fudhataniidha. Kana keessatti ammoo qoodattoonni kun akkuma Bilisummaafi Tonkoluu dhimma jiruufi jireenya isaanii keessatti yaadaan waldhabanii turan. Waldhabbiin qooddattota maqaan isaanii heerame lamaan gidduutti taasifames kitaabichaa asoosamaa keessaa fudhatamuun haala kanaa gadii kanaan ibsameera.

*Hiiktuun diddee mana bahuun itti ulfaanaan "mee koottu ammaa nyaata nyaannee gara hojii deemana" jetteen. Maalin nyaadhaa jettee akka dhufteetti gara galtee manasheetti kaate deemte, Lalisee karaa irratti eegde. Laliseenis aariidhaan sabni Oromoo saba tokkummaan bara dur dhabneen gargar baafame diinaan nyaatamaa turre. Garuu waan hundaafuu nutti sabni Oromoo dhaadannoo barri misoomafi tokkummaa keenyaa amma jedhu qabannee kaanerra. Tokkummaa keenya diiguu kan barbaadu jira yoo ta'e nuuf barri tokkummaa ammaa waan ta'eef sobduufi daana'oo qabeenyaa Oromiyaa yeroon itti dhiyeera waan ta'eef osoo baranii Oromiyaarraa ija*

*kaafatanii gaariidha yoo jiraatan jettenii osoo karaa irratti wal mormaa  
jirani namni maqaan isaa Qabsoo jedhamu tokko isaanitti dhufe( fuula, 21)*

Seenaa asoosama kanaa keessatti waldhabdeen waraabbii armaan olitti fudhatame keessatti argamu kun waldhabbii namaafi namaa jalatti ramadama. Kana keessatti namoonni waldhaban lamaanis akkuma warabbii fudhatame kana keessatti ibsamee jiru Hiiktuufi Laliseedha. Akka seenaan asoosamichaa ibsutti qooddattuu Hiiktuu jedhamtu kun sanyiin ishee warra kaabaa taattee olaa Lalisee fa'aatti dhalattee kan guddattedha. Laliseen garuu biyya Oromiyaa Godina shawaa lixaa magaala Ambootti Abbaa ishee Guddinaa Dagaagaafi haadha ishee aaddee Toltuu Margaa irraa kan dhalattedha. Bakki jarri kun lamaan itti waldhabban magaalaa Amboo keessaa mana jireenyaa Laliseen keessa jiraattu keessaa jalqabee hanga dandii irra bu'aanii waliin deemsa eegalanitti. Yeroon isaan itti waldhabban ammoo yeroo Hiiktuun sababii Bilisummaafi Laliseen magaalaa Amboo keessa waliin deeman argittee isaan adda addaa baasuudhaaf jettee gara mana Lalisee deemtee waa'ee seenaa Bilisummaa yaada dhugaa of keessaa hin qabne itti haasoftudha.

Qoodattoonni kun lamaan sababni waldhabdee isaanii akka seenaan asoosamichaa ibsutti, qooddattuun Hiiktuu jedhamtu tokkummaa Bilisummaafi Lalisee waan jibbiteef, haa ta'u malee, Laliseen ammoo tokkummaafi waliigaltee Bilisummaa wajjiin jalqabde kana diiguu waan dideef. Karaa biraa immoo akka barreessaan asoosama kanaa ibsutti, Bilisummaafi Laliseen saba Oromoo bakka bu'u. Hiiktuun garuu saba warra kaabaa (Amaaraa) bakka buuti. Egaan waldhabbii qooddattota kana giduutti argamu ammoo tokkummaa uummata Oromoo diiguuf yeroo hunda kan dhamaa'an jiraachuu isaanii kan hubachiisudha. Haaluma kanaan waanti kun dhugaa hawaasa keessatti argamuu yookaan waldhabbiin kun addunyaa dhugaa keessatti yoo ilaalamu hawaasa keessatti kan argamu ta'uusaati.

#### **4.2.1.3 Waldhabbii Abdiifi Firootasaa**

*"Firrikoo hundi isaanii akka diinatti na ilaalu eegalan. Ijoollee isaani xixiqqoorraa hanga jaarsafi jaartiitti na jibbanii na xireffatan"*( fuula, 62).

Waraabbiin kun waldiddaa namaafi namaa jalatti ramadama. Sababni isaa bakka kanatti kan waldhabe qooddattaa Abdii jedhamuufi firootan isaati. Yoommessi waldhabbiin kun keessatti raawwate yoo ilaalamu, yeroo haattiifi abbaan Abdii irraa du'ani jennaan Abdiin bakka deemu dhabe barnootaa gallee gara firoota isaa kanatti deemuudha. Sababni waldiddaan Abdiifi firootan isaa gidduutti raawwatame ammoo firootan isaa kun abbaafi haati isaa waan irraa du'aniif lafa abbaa isaa dhaaluuf, akkuma kana mucaa kana guddisuu waan

hinbarbaneef. Waldhabii kanaannis Abdiin gara barnoota isaatti waan deebiyeef waldiddaan kun seenaan asoosamicha gara fuulduratti akka tarkaanfatu godheera.

#### **4.2.2 Waldiddaa Namaafi Sammuu isaa/ Xiinsammuu**

Wadiddaan kun kan uumamu, yommuu qooddattaan sammuu isaa wajjiin mormii uumudha. Mormiin isaa kunis, waantoota sammuu namaa dhiphisan kaayyoofi fedhii irraa kan maddudha. Waldiddaan kun waldiddaa keessaa jedhamuunis ni beekama. Kunis yeroo taattoon yookaan qooddattaan tokko waan isa mudatee ilaalchisee yaada, fedhii, gadda, hawwii, gammachuufi jibba of keessaa kan qabudha. Kanas yaada isaa waliin gocha tokko raawwachuuf ofiin of mormuu yoo ta’u, asoosama “Dhamaatee Harmee” jedhu kana keessattis gosti waldhabii kanaa ni mul’ata. Kanaafuu, akka armaan gaditti kan dhiyaatan ta’u.

##### **4.2.2.1 Waldhabii Hiiktuufi Sammuu ishee**

Asoosama kana ‘Dhamaatee Harmee’ jedhamu kana keessatti qooddattuun Hiiktuu jedhamtu kun akkuma Lalisee waliin waldhabdee turte dhimmuma Laalisee wajjiin waldhabdee turte irratti maal akka gootu yeroo dhabdee sammuu ishee keessatti of dhabdee turte. Waldhabbiin qooddattuun kun sammuu ishee waliin taasisfte kunis bifa waraabbiin asoosamicha keessaa akka itti aanu kanatti fudhatameera.

*Hiiktuun erga kana hubatee keessi ishee akka waan ibiddi keessa isheetti bu’ee ni gubbatte. Osoo akka waan dhukkuba cimaan qabamtee haadduu egalte. Halkaan ciisa dadhabdee akka nama dhukkubni waraansaa qabee haadaa bulte. Ganama deemtee Lalisee arguuf lafti bari’uufi didee asiifi achii osoo garagaltuu halkan tokko lama itti ta’e (fuula, 29).*

Waraabbiin armaan olitti fudhatame kun akkuma ibsamee jiru waldiddaa taattoon sammuu isaa waliin ofitti bu’u yookaan waldiddaa keessaa jalatti ramadama. Seenaa asoosama kana keessatti qooddattuun Hiiktuu jedhamtu sababii Bilisummaafi Lalisee magaalaa Amboo keessatti argiteef, tokkummaa isaanii jibbuu irraa kan ka’ee yeroo isheen gara mana isheetti galtee dhimma kanaaf jecha sammuu isheen waldhabdu agara. Bakki qooddattuun kun sammuu isheen itti of dhabde kun magaalaa Amboo keessaa mana jireenyaa ishee keessatti siree irra bultu irratti. Yeroon isheen itti of dhabde ammoo halkan yeroo hirribaati. Sababni qooddattuun Hiiktuu jedhamtu kun sammuu ishee waliin of dhabdeef ammoo tokkummaa Laliseefi Bilisummaa waan jibbiteef, tokkummaa isaanii kana diiguuf haala itti waa’ee Bilisummaa Laliseetti himuuf yaadaan of dhabdedha.

#### 4.2.2.2 Waldhabbi Abdiif sammuu isaa

Seenaa asoosama kanaa keessatti qooddattaan Abdii jedhamu kun dhimmootafi haaloota garaagaraa keessatti iddoo hedduutti ofii isaan yookaan sammuu isaan waldhabaa ture. Waldhabbiwwan xiinsammuu taattoon kun bakka garaagaraatti taasisaa ture kun ammoo kitaabicha asoosamaa keessaa iddoowwaan/fuulota adda addaa irraa walitti dhufuun akka armaan gadii kanatti bifa waraabbiin fudhatameera.

*...akka nama waa gatee osoo garaa na nyaatu osoo sammuuun koo wal na loluu sammuuun koo kana danda'ee achii gahe. Ergan achii gahee torban yoom dhufa jedheen osoo garaan na raafamu midhaan nyaachu dadhabee osoon yaaduu torbaniif guyyaan jimaata naaf gahe.....manattis yeroon galus tokkollee boqonnaa hin argannee yoon rafuuf sireerraa gadi ciisuuf yaale dhaabiin qaama kee hundi dhufee na dura deeme na hasoofisisaa. Garuu dhuguma harmeekoon argadhee jedhee yoon ka'ee homtuu hin jiru. Amma halkan garan itti deemuu waan hin jirreef callisee bakkan ciisuu oljedheen mataa kootiin boraatiikootti hirkadhee harkakoo lamaniin lapheekoo qabadheen hirriba malee yaaddoo suukkanneessa keessa gale.....ani yeroo tokko tokko osoo isaa waliin haasawaa deemnu garaan koo baay'ee na raafamee, fincaan na qaba garuu finaa'uuf hindanda'u garaankoo akka waan bishaan qorraa keessa yeroo dheeraaf tureen a bocobacame. Anii fuulli mucaa kanaa tarii harmeenkoo duteetti yoo ta'ee ni jijjiiramas jedhee baay'een fuula isaa ammaaf ammaan ilaalaa deema. Innis takka takka osoodhuma na waliin deemuu yaadan ni bada. Ani walumaa galatti “harmeenkoo duunaan maalan ta'a yaa rabbi!” jechaan garmalee gadda cimaa keessa gala hiriya kana waliin.....yaada firaafi alagaa xiqqaa fi guddaas addaan hin foo'anne. Akka dirrii calii ijoon bade mallifi falli hundi na fuulduraa bade yaadni harmeekoo dhabdee akkamitti jiraachuufi jedhu kan haala jireenyaa natti suukaaneessu qofti na fuuldura dedeebi'aa ture. Halkan sana dhipjina ilmoo namaattiif hin barbaachifne dhiphaachaan bule.....galagala gaafa guyyaa jahaa kana deemen qormaata kana hojjejedha moo nan hafaa jedheen yaadan raata'a ture. Yaada kan murseessuuf yaadni koo murtii irraa gahuu dadhabee erga baay'ee rakkate naannoo galgala keessaa sa'atti lamaafi walakkaa ta'e.....teessoo kana gubbaa taa'een waraqaa kana harkakoo bitaafi mirgaan qabeen waraqaa*

*kana gargar saaqee ilaaluun akka du'aatti natti ulfaate. Ergan tilmaamaan gara sa'aa tokko ta'uuf qabaadhee taa'ee booda waanuma ta'ee yaa ta'uu jedheen yaaduma sodaadhaan guutameen waraqicha addaan saaqe. Waraqicha addaan saaqee ilaaluu sodadheen akkuma waraqaa kana addaan saaqeen dhiisee deemuuf garaan na didee dubbisuuf sodaadhe. "waan kana yoon dubbise maaltu argama kanan akkana dhiphachuuf sodhaadhee" jedheen hin dubbisuu jedheen murteesseen deeme. Yoon deemu kana xalayaan kun ammaa lubbuunkoo jirutti namni na harkatti arguu hin qabu, daawwittiin yeroo harmee yaaduu keessatti harmee ilaaluu jedheen kiisii uffatakoo keessa ka'e. akkumman kiisii koo keessa kaa'een xalayaan kun akka harmeen achii keessaa na waantuutti na dubbisaa jira. akkuma ta'ee yaa ta'uu yaada harmeen akka kennaa barabaraatti naaf kennite kana ilaaluun qaba jedheen xalayaa kana ialale....ani isaan tole jedheen gara duubattii deebi'ee garaa koon gara kam naaf wayya jedheen mariitti deebi'e. keessi mariikoo kanaas ani harka harmeekoo malee harka haadha ormaa hin beeku, akkasumallee ani garaan dhiphadhaa maal naaf wayyaa? Jedheen buuse baasee yaade. Garuu gara dhumaatti murtiin mariikoo kanaas as taa'ee didhii xuuxee jireenya maatiin alaa isaa du'aa manna jiraadhu kanarra gara mana wassilakoo bira deemuuf murteesse ( fuula, 32,38,43,44,49,51,67).*

Waraabbiin armaan olitti argamu kun yookaan fudhatame kun akkuma jalqabarratti ibsame seenaa asoosamicha keessaa iddoowwan/fuulota garaagaraarra kan walitti qabameedha. Gosoota waldiddaa asoosama keessa jiran keessaa waldiddaa qooddattaan sammuu isaa waliin of dhabu jalatti ramadama. Waldiddaa keessaa jedhamus ni danda'a. Waldhabbiin xiinsammuu as keessatti mul'ate kunis kan qooddattaan Abdii jedhamu dhimmoota garaagaraafi haaloota garaagaraa keessatti sammuu isaa waliin mormii taasisaa turedha. Saboobni qooddattaan kun sammuu isaa waliin walddhabaa tureefis waantonni isa dhiphisan, kaayoo isaa daangessan, fedhii isaa morman, wkf keessa isaatti uumamaa waan turaniifidha. Yoommessi taattoon kun keessatti sammuu isaan of dhabaa tures akkuma waraabbicharraa hubatamu yoommessoota garaagaraa keessatti ture. Walumaa galatti waldiddaan taattoon kun sammuu isaa waliin taasiisaa ture kun seenaan asoosama kanaa gara fuulduraatti akka tarkaanfatu gochuu keessatti gahee guddaa kan bahe yoo ta'u addunyaa dhugaa dhalli namaa keessa jiraatu keessattis yoo ilaalame dhalli namaa haalota garaagaraa keessatti yeroo wanti

adda addaa isaa muddatu ofiin of dhabaa waan jiraatuuf waldiddaan qooddattaan kun sammuu isaa waliin taasise kun yaada dhugaa of keessaa qabuudha.

#### **4.2.2.3 Waldiddaa Jabeessaafi Sammuusaa**

Jabeessaan asoosama sana keessatti qooddattaa tokko ture. Inni hiriya Abdi waan tureef gaaf tokko Abdi irraa xalayaa fudhee gara harmee Abdi geesse. Yeroo inni mana harmee Abdi gahu isheen dhukkubaan qabamtee waan baay'ee miidhamteef, Jabeessaan waan godhu dhabuurraa kan ka'e sammuu isaan waldhabe. Kunis bifa waraabbiin kitaabicha keessaa akka kanaa gadiitti fudhatameera.

*Jaabeessaan yoo haala kanaan dhiphatu sagalee ol fudhatee “Abdiin gurbaa ati achii akkas ta'aa jirta, harmeen kee asii haala kanarra jirti maaltuu furmaatatee? Jechaa xalayaa kanaan rakkateera, booyichaan iji isaa diimatee waan ujummoon bishaanii ijaa isaa keessaan bahe fakkaata. Akkasumas mataa isaa kanaarraan dhhiigni ujummoo dhhiiga isaa keessaa yaa'uu gogaa qaama isaa dhooseewaan bahuuf deemuu fakkaata (fuula, 41).*

Waraabbiin kun ammoo seenaa asoosama sanaa keessatti waldiddaa qooddattaan Jabeessaa jedhamu sammuu isaa waliin wal lole kan agarsiisuudha. Asoosamicha keessatti taattoon kun akkuma kanaa olitti ibsamee jiru, hiriya qooddattaa Abdi jedhamuu ture. Kanaaf guyyaa tokko Abdiin hiriyaan isaa kun ykn Jabeessaan xalayaa harmee isatti akka keennuuf ergatee ture. Yeroo Jabeessaan xalayaa kana geessu harmeen Abdi dhukuba guddaan qabamanii du'aaf jireenya gidduu jiru kanarraa kan ka'ee Jabeessaan naa'ee maal gochuu akka qabu waan wallaleef dhimma kanarratti sammuu isaan ofdhabee ture. Sababni uumamuu waldhabbii kanaas kanumaaf ture. Haaluma kanaan waldhabbiin taattoon kun sammuu isaa waliin raawwate kun addunyaa dhugaa keessatti yoo ilaale, dhugumaa kan of keessaa qabudha.

#### **4.2.3 Waldiddaa Namaafi Uumaa**

Gosti waldiddaa kanaa waldhabbii qooddattaan sababa adda addaa isa muddatuun uumaa isaa waliin waldhabbudha. Waldiddaan kun gosoota waldhabbii gurguddoo keessaa waldiddaa alaa jalatti ramadama. Kanuma bu'uura godhachuun gosti waldiddaa kanaa asoosamicha keessaa sakkatta'amuun akka armaan gadiiti kan qaacceffaman ta'u.



#### 4.2.3.1 Waldhabbi Abdiifi Uumaa

Qooddattaa Abdiin seenaa asoosamichaa keessatti akkuma haaloota garaagaraa keessatti ofiin of dhabaa ture, yeroo waantoonni adda addaa gaaffii fi dhiphina isatti taa'anis waaqa yookaan uumaa wajjiin waldhabaa kan turedha. Waldhabbi inni uumaa wajjiin taasise kunis asoosama sana keessaa iddoo adda addaa irraa fudhatamuun akka kanaa gaditti dhiyaateera.

*Obbo Abdiin yeroo gara kanaa deemaa jirutti, “Waaqayyo uumaa keenya harmeen hadhaafi rakkina baay’ee hin madalamne keessaa in galti ilmoodhaaf akkanaa? Laliseen beektuu gorsi ishee yeroo tokkoon sammu namaa qajeelchu turte. Namni sammuu ishee rakkoo kamiif ulaa hin kennine har’a sababa ilmoo isheef lubbuu ishee dhabdi?” ..... anis yeroo harmeekoo awwaluuf gara bakka awwaalaatti qajeelchan “maaliin godhaa?, eessaan seenaa?, maaltuu naaf furmaataa? Waaqayyoon abbaan furmaata si’ii maaloo mala naaf barbaadi!” jedheen garaankoo baay’ee bobboora’ee dhiphina waaqaan malee furamuu hin dandeenye keessa gale.....ani uumamuu koottis baay’een gaddeen waanuman ta’ee osoon hin beekne fiigeen uummanni na qabani bakka sirni awwaala harmee itti raawwatamuu sana nawaliin deeman( fuula, 28, 49, 50).*

Yaadni armaan olitti bifa waraabbiin fudhatame kun seenaa asoosama sana keessatti yaadoota walfakkaatan yookaan waldhabbi taattoon tokko iddoo adda addaatti uumaa isaa wajjiin waldhabe waan ta’eef bakkeewwan garaagaraarraa walitti hidhamuun kan fudhatameedha. Taattoon bakka kanatti uumaa waliin waliiti bu’e kunis qooddattaa Abdi jedhamuudha. Gosti waldiddaa kanaa bakka tokkotti haa fudhatamuyyuu malee, akkuma fuula garaa garaa irratti argamu dhimmoonni taattoon kun uumaa isaa waliin waldhabeef garaagara. Fakkenyaaf isa fuula jalqabarrattii Abdiin uumaa waliin waldhabeef, sababii qooddattuun Lalisee jedhamtu ilmoo ishee Maraaraa waan dhukkubeef naatee lubbuun darbuuf jechaa jirtu ilaalee akkamitti dhala isheef jettee lubbuu ishee dhabdi kan jedhuun uumaa wajjiin walitti bu’e. isa lammaffaa ammoo Abdiin harmeen isaa lubbuun addunyaa kanarraa wan darbitteef, yeroo ishee awwaaluuf uummanni gara awwaalchaatti geessan waan godhu dhabee “ maaliin godhaa?, eessaan seenaa?, maaltuu naaf furmaata?” jechuun yeroo uumaa isatti dubbattu argina. Kana keessatti gochaa kana waaqani akka raawwateetti fudhateetti. Yaadni inni sadaffaan innis waa’eema du’uu harmee isaa wajjiin walqabatee Abdiin uumaa wajjiin waldhabuu isaa agarsiisa. Walumaa galaatti taattoon kun waraabbi armaan olii kana keessatti haaloota garaagaraan dhiibbaa irra gahe akka waaqni itti fideetti fudhachuun yeroo inni uumaa isaa

wajjiin waldhabbi uumu mul'isa. Namni jiruufi jireenya jiraatu keessatti yeroo haalonni isa rakkisan itti dhufan uumaa isa uume illee komachuu ni danda'aa waan ta'ee dhugaa qabatamaa hawaasa keessatti argammudha jechuun ni danda'ama.

#### **4.2.3.2 Wadiddaa Abbaa Abdiifi Uumaa**

Abbaan Abdii seenaa asoosama sanaa keessatti qooddattaa tokko ture. Innis yeroo ati warraa isaanii du'uun addunyaa kana irraa darban waaqaan wal lolee ture. Yaadni kana ibsu kitaabicha keessaa bifa waraabbiin kan fudhatame kan gadii kanadha.

*... hundi keenya dabaree keenya eegannee ni duuna atis yoo akkakoo abbaa kee ilma yeroo tokkoon garaa kutatu taatee jalqaba harmeenkee si eegalchiifte barumsakee kana deemtee boru qoramuu qabda naan jedhe. Itti dabalees harmeekee kana booda hin argittu sii harkaa baatettii garaa kees kutadhu erga waaqayyoo yeroo malee akkas godhee naan jedhe (Fuula,52).*

Waraabbi olii kana keessatti ammoo asoosamicha keessatti qooddattaa abbaa Abdii jedhamutti waaqa/uumaa wajjiin wal dhabe. Sababni taattoon kun uumaa waliin waldhabees, haati warraa isaa yookaan harmeen Abdii waan lubbuun darbaniif, Abdiin du'uu harmee isaa kana obsuu waan dadhabees gara mana barnootatti hin deebi'u waan jedheef abbaan isaa kun yeroo isa gorsu keessa harmeen Abdii utuu yeroon ishee hingahiin duutte waan ta'eef, gocha kana waaqni ishee irratti raawwateetti fudhatee haasaa keessa "erga waaqayyo yeroo malee akkas godhee" jechuudhaan uumaa waliin walitti bu'insa uume. Kunis waldhabbi addunyaa dhalli namaa keessa jiraatu keessatti ta'uu maludha.

#### **4.2.4 Waldiddaa Namaafi Uumamaa**

Waldhabbiin namaafi uumamaa mormii fedhii walfakkaataa ykn fedhii garaa garaa irratti namnifi uumamni taasisanidha. Sababni isaa adeemsa jireenyaa keessatti namni uumamaan walitti dhufeenya guddaa akka qabus waldhabbi namaafi uumamaa kanarraa hubachuun ni danda'ama. Umamni kunis sababa waldiddaa yommuu ta'an yeroo kaayyoo dhala namaatti daangaa ta'aniidha. Kanneen akka bineensota, biqiloota, rooba, aduu, qileensa hamaa, sochii lafaa, goginsa, hafuurota, fi kkf kaayyoo ilma namaa gufachiisuu keessatti qooda guddaa qabu. Kanuma irraa ka'uun asoosama " Dhamaatee Harmee" jedhu kana keessatti gosti waldiddaa kanaa sakkatta'amuun haala armaan gadii kanaan kan qaacceffamu ta'a.

#### 4.2. 4.1 Waldiddaa Abdii, Dameefi Waraabessa

Qoodattoonni Abdiifi Damee jedhaman kun seenaa asoosama sanaa keessatti yeroo harmeen Abdii du'an osoo gara mana Abdii fa'aa deemaa jiraanii halkan uumamoota jiran keessa waraabeesoonni hedduun dandii itti cufan. Kunis kitaabicha keessaa fudhatamuun haala armaan kanaan dhiyaateera.

*Osoodhuma waliin deemnu yeroo bakka akka lafa dhooqaa tokko geenyuu, waraabessaafuu gara itti siqnu dhabnee baay'ee sodaane. Gara fuulduraatti, kallatti hundaatti akka mooraatti waan nutti ijaarame fakkaata. Gara itti furmaata arganu yoo yoo dhabnu sagalee sodaadhaan hollatu tokko yoo dhageessisnu namnichi manni jireenya isaa naannoo sana tahe garasii fiigee tirikaadhaan dhufe. Yoo achii nu bira gahu xiqqoo siqanii karaa nuuf saaqnaan nutti gara fuulduraatti jalaa deemne.( fuula, 44-45).*

Waraabbiin kanaan olitti fudhatame kun walduhabii namni uumama wajjiin taasisu jalatti ramadama. Iddoo kanatti Abdiifi Dameen waraabessa wajjiin walduhaban. Waraabeesoonni kun hedduu turan. Akka seenaa asoosamichaa keessatti ibsameti yeroo qoodattoonni kun humna uumamaa yookaan waraabessa kana wajjiin walduhaban, yeroo harmeen abdiin lubbuun addunyaa kanarraa darbiinaan Abdiin hiriyaa isaa Damee jedhamu wajjiin bakka taa'ee barachaa turee gara mana harmee isaatti deemaa tureedha. Yeroon kunis halkan ture. Sababni walduhabii kanaa yoo ilaalle, hawaasa keessatti akka himamtutti nama tokko buddaan yoo nyaatte guyyaa gaafa namni sun du'ee waraabessi waliitti yaa'aa jedhamee waan amanamuuf waraabeesoonni kun taattoota kana dhowan ta'uu danda'a. dhumarrattiakkuma waraabicha keessatti ibsamee ture walduhdhaan kun sababii namichi tirikaan dhufeef waraabeesoonni sun karaa waan saaqniif deemsa isaanii itti fufan. Kunis dhugaa hawaasa keessatti mul'atudha.

#### 4.2.4.2 Walduhabii Abdiifi Aduu

Asoosama sana keessatti taattoon kun akkuma haala garaagaraa keessatti sammusaafi uumaasaa wajjiin walduhabaa ture uumamoota adda addaa waliinis walduhabii geggeessaa ture. Humnoota uumamaa kana keessas yeroo ini haala qileessaa/aduu wajjiin walduhabu isa tokko. Kunis asoosama sana keessaa akka armaan gadii kanatti fudhatameera.

*...bakkann karaarraa taa'ee harmee eega turee dhukke natti faca'aa oole ofirraa harcaasuuf yaalaa ka'ee daandii gara mana jireenya keenya deemuurrann qajele. Yeroo kana afuurri oliifi gadi naaf deebi'uu didee,*

*mogoleenkoo na jalatti dadhabee, qaamnikoo hundi dafqaan waanan bishaan keessaa amma bahu fakkaata suuta suuta tiradhee mana jireenyaa koo gahe( fuula, 40).*

Kan armaan olitti fudhatame kungsi gosoota waldhabbii asoosamicha keessa jiran keessaa waldhabbii namaafi uumamaa jala galuu ni danda'a. sababni isaa bakka kana keessatti kan waldhabe yookaan taattoo Abdii jedhamu kanarra dhiibbaa kan geessisaa ture haala qilleensa naannoo sanatti. Haalli sunis yeoo dhukkeen lafarraa ka'uufi yeroo qaamni Abdii dafqaan akka bishaanitti tortore waan haala bonaa ta'uu isaa tilmaamuun nama hin rakkisu. Kanaaf waldhabbii kana Abdiifi Aduu gidduutti taasifame jedheen fudhachuu danda'e.yoomessi waldhabbii kanaa akka seenaan asoosama sana keessaa ibsutti, yeroo qooddattaa Abdiin daandii irra taa'ee waa'ee harmee isaa yaadaa turedha. Walumaagalatti ammoo gosti waldhabbii kanaa addunyaa dhugaa keesatti yoo ilaalame waanuma jiruufi jireenya dhala namaa mudachuu danda'udha.

#### **4.2. 4.3 Waldhabbii Abdii, Dacheefi Samii**

Dhalli namaa haaloota garaagaraa keessatti akkuma nama waliin, xiinsammuufi uumaa waliin waldhabu humnoota uumamaa wajjiinis waldhabbii geeggeessuu nidanda'a. Akkuma kanaan taattoon seenaa asoosama sanaa keessatti Abdii jedhamu kunis yeroo rakkinaafi haaloota ulfaatoo ta'an dabarsaa ture keessatti humnoota uumamaa jiran keessa dacheefi samii waliin waldhabbee yookaan humnoonni kunneen lamaan qooddattaa kanarraan dhiibbaa irraan gahee ture. Yaada kana kan ibsuus bifa waraabbiin akka kanaa gadii kanatti fudhatameera.

*“Anis yeroon kana hanga dhumaatti dubbisee xumuru dacheen gadi na liqimsuu didee samiininis ol fudhachuu didee. Osoon waraqaa kana harkakoo mirgaatin qabadhee imimmaankoo kan keessa qaamakoo hundaati maddu kana dhangalaasaa jiruu abbaankoo natti dhufe” ( fuula, 56).*

Yaadni armaan olitti asoosama sana keessaa bifa waraabbiin fudhatame kunis akaakuuwwan waldhabbii jiran keessaa waldhabbii namaafi humnoota uumamaa gidduutti uumamu keessaa isa tokkodha. Bakka kana keessatti eenyuufi eenyu waldhabe kan jedhuuf qooddattaa Abdii jedhamuufi uumama kan ta'aan dacheefi samiidha. Sababiin waldhabbii isaanii kunis akka seenaan asoosama sanaa ibsutti, yeroo Abdiin xalayaa harmeen isaa barreessitte lubbuun addunyaa kana irraa boqotte sana dubbisee baay'ee gadduufi sardamuurraa kan ka'e dacheen akka gadi isa fudhattu akkasumas, samiin ol akka isa fudhatuuf barbaadee garuu, dacheefi samiin gadiis ta'e ol isaa fudhachuu didannidha. Waldhabbiin kun addunyaa dhugaa

keessattis yaaduma dhugumaa qabudha. Sababni isaa dhalli namaa jiruufi jireenya jiraatu keessatti yeroo wantoonni sammuu isaa jeeqaniifi isa gadisiisan itti baayyatu dacheefi samiin, akkasumas uumamni kanneen biroon osoo yaaddoo kana keessaa gar tokkotti isa baasanii ni filata. Kana malees, waldhabbiin kun seenaan asoosama kanaa gara fuulduraatti akka tarkaanfatuuf gumaacha guddaa oolee jira.

#### **4.2.4.4. Waldhabbii Abdii, Rakkinaafi Waqtii gannaa**

Waraabbiin armaan gaditti dhiyaate kunis gosoota waldhabbii jiran keessaa waldhabbii namni humnoota uumamaa waliin taasisan jalatti ramadama. Waraabbii kitaabicha keessaa fudhatame kana keessattis humna uumamaa kana waliin kan waldhabe qooddattaa Abdii jedhamuudha. Dhimma kanas kan ibsu waraabbii armaan gadii kanadha.

*Ammaa garuu cimee yoon itti fufellee yeroon barumsa xumuree galu bakki jireenya waqtii ganna kanaa baayee natti cimte. Jireenya dhiphina waliin mari'attee natti ulfaachuu qophooftee dhufte kanallee osoon hin dadhabiniif rakkina obese yeroo waa'een maatiikoo natti dhagahamee takka booyichaan immiimaanin yaaddoo maatiikoo kana affeeren takka immoo waanuma adda addaan of jajjabeesseen qormaata kutaa kudha lammaffaa qoramee. Ganna bara kanaa midhaan malee oolee buluun kophaakoo mana ona keessa turuun bartee naaf ta'aa dhufe. Baatii kanneen keessatti rakkoon akka bara biyyoonni alaa Afrikaa koloneeffatanitti na koloneeffachuuf tooftaa natti malachaa fi kiyoo naaf qopheessaa turte. Dararama kanarraan kan ka'ee qaamni koo inni furdaa turee ija namaatti tolu har'a waan waggaa hedduuf dhukkubsadhee mana yaala ciisaa ture na fakkaate. (fuula, 63).*

Waraabbiin kunis gosoota waldiddaa asoosama kana keessatti mul'atan keessaa wadhabbii namaafi haala naannoo/uumamaa jalatti kan hammatamuudha. Sababni isaa waldhabbii uumame kana keessatti taattoon Abdii jedhamu kun barnootaa irra turee yeroo bakka jireenyaa isaatti galuu haalli qileensaa yookaan waqtii gannaa waan ta'eef baay'ee miidhamaa ture. Dabalataanis, haalli jiruufi jireenyaa illee isa rakkisaa ture. Kanaafuu, bakka kanatti kan waldhabe Abdiifi haala qileensaa/waqtii gannaa, akkasumas haala jiruufi jireenyaatti. Kun ammoo seenaa dhugaa hawaasa keessa jiruun yoo madaalamu dhugaa lafarra jiru irraa kan fagaatu miti. Sababini isaas namni jiruufi jireenya isaa keessatti bakka tokkoo gara bakka biraa yoo deemu haala qilleensa naannoo sanaatti walaallurraa kan ka'e muddamaafi rakkina hedduu keessa seenuu ni danda'aa waan ta'eef. Asoosama kanaa

keessatti waldhabbiin bifa waraabbiin kitaabicha keessaa fudhatame kun Abdiin haala kana dadhabee gara biraa waan deemeef seenaan asoosamichaa akka itti fufu taasisee jira.

#### **4.2.4.5 Waldhabbi Abdiifi Afuura/ Humna Uumamaa**

Qooddattaan Abdii jedhamu kun bakka kana keessattis jiruufi jireenya seenaa asoosamicha keessatti dabarse keessatti humnoota uumamaa keessaa afuura ta'e waliin waldhabee ture. Kunis bifa waraabbiin haala armaan gadii kanaan fudhatamee kan jiruudha.

*Afuurri ati ammaa maal asii warra maatiifi mala qaban waliin dhaabattaa?  
Atii hiyeessa isa dhumaa isa yoo dhukkubsatellee nama sii yaalchisu hin  
qabnedha of hin bartu kan naan jedhu natti dhagahamaa ture. Garan itti  
deeme boqodhuu nan dhabe. Lafeen duraan waanan hinqabne fakkaatu har'a  
na keessa bahee akka ciraaroo mukaa dhaabate.( fuula, 64).*

Waraabbi armaan olii kana keessattis wadiddaan argamu wadiddaa namaafi humnoota uumamaati. Kana keessatti yeroo qooddattaan Abdii jedhamu kun afuura ta'e tokko waliin yaada isaan waldhabu argina. Qooddattaan kun yeroo bakka ta'ee barnoota isaa barachaa ture haatiifi abbaan waan irraa du'aaniif yaada isaan waan jeeqamuuf hafuurri hin beekamne tokko gara yaada isaa dhufee rakkina itti odeessaa ture. Kanarraa kan ka'e Abdiin jeequmsaafi rakkina hammaa keessa galee ture. Waldhabbiin akkanaa kunis dhugaa hawaasa keessa jiruun yoo wal bira qabamu dhugumaa kan of keessaa qabudha jechuu ni dandeenya. Dhumarratti waldhabbiin kun seenaan asoosamichaa gara fuulduuraatti akka deemu taasisee jira.

### **4. 3 Faayidaa Waldhabbi Asoosamicha keessaa**

Asoosama kana keessatti waldhabbiwwan uumaman garaagaraa armaan olitti qaaceffaman kun seenaan asoosamichaa gara fuulduraatti akka tarkaanfatu gochuu keessatti gahee guddaa bahanii jiru. Kana yeroo jedhamus akkuma konkoolataan motoraan malee gara fuulduuraatti deemuu hindandeenye, seenaan asoosama tokkos gara fuula duraatti kan deemuu danda'uu waldhabbi yoo qabaate ta'uu isaati. Kana malees, waldhabbiwwan asoosama kana keessatti ergaan/dhaamsi asoosama sanaa haala gaariin akka darbu taasisee jira. Ergaawwan waldhabbi uumamee kana keessaan darbus dhimma dinagdee, siyaasaa, hawaasumaafi kkf fa'aadha. Waldhabbiin kun osoo uumamuu baatee jiraachuun asoosamichi wanta dabarsuu barbaade sana dabarsuu hin danda'u jechuudha. Kanaafuu waldhabbiwwan asoosama kana keessatti uumaman kun akka lafee gugdaatti ilaalama.

#### **4.4 Sababoota Waldhabbi**

Asoosama kana keessatti waldhabbiwwan sababoota garaagaraaf kan uumamaniidha. Sababoonni waldhabbi kanas eenyummaa/sabummaa, dinagdee, siyaasaa, haalota jiruufi jireenyaafi kkf ta'u. keessumaa seenaa kana keessatti waldhabbiwwan qooddataafi qoodattaa gidduutti uumamaa ture dhimmoota eenyumaafi siyaasa wajjin kan walqabataniidha. Fakkeenyaaf waldiddaa Bilisummaafi Tonkoluu, Hiiktuufi Lamisee giddutti uumaman dhimmoota eenyuummaa sabaafi siyaasaa wajjin kan walqabataniidha. Wadhabbiwwan sababoota dinagdeen uumaman immoo irra caalaa seenaa asoosamichaa keessatti waldhabbi taattoon haala jiruufi jireenyaa keessatti sammuu isaattiin of dhamu keessatti argama. Keessumaa iyyuu waldhabbi taattoon Abdii jedhamu ofiin ofdhabaa ture fudhachuun nidanda'ama. Kana malees, sababoota haala irra kaa'anii ummaman yoo ilaalle ammoo wadhabbi qooddattoonni uumaafi uumama wajjin taasisan turan fudhachuun ni danda'ama. Kanaafuu akka waliigalaatti seenaa asoosamichaa keessatti waldhabbiwwan garaa garaa iddoofi yeroo garaa garaatti uumamaa turan kun sababoota kanneen irraa ka'aniitti jechuun ni dandeenya.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

### 5.1 Cuunfaa

Kaayyoon waliigalaa qorannoo kanaa walhabbiwwan kitaaba asoosama ‘Dhamaatee Harmee’ jedhu keessatti argaman qaaccessuu irratti xiyyeeffatudha. Adeemsa kana keessatti qorattuun kaayyoowwan murta’oo/ kaayyoowwan gooree afur qabattee ka’uun qorannoo kana geggeessittee jirti. Kaayyoowwan arfan kunis asoosamicha keessatti eenyuufi eenyu akka walhaban adda baasuu, gosoota walhabbi asoosama sana keessa jiran adda baasuu, fayyidaa walhabbiin sun asoosamichaaf qabu tarreessuufi walhabbiwwan jiran addunyaa dhugaa keessatti maal akka fakkaatan ibsuudha. Kayyoowwan kana irratti hundaa’uun gosoonni walhabbi asoosama sana keessaa sakatta’aman tokko tokkoon qaaceffamaniiru.

Qorattuun kun qorannoo kana geggeessuuf maddi ragaa tokkoffaa ishee kitaaba asoosamaa qorannoo kanaaf filatte yoo ta’u, akka ragaa lammaffaatti ammoo kitaabootafi waraqaa qorannoo namoota garaagaraa dhimma mata duree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban ykn walfakkaatan fayyadamteetti. Kanaafuu, meeshaa isheen qorannoo kanaaf ragaa ittiin funaanatte sakatta’a dookumeentii ta’a.malli qorannoon kun ittiin qaaceeffame ammoo mala qorannoo akkamtaa dha. Sababni isaa ragaaleen kitaaba asoosama sana keessaa argaman lakkoofsaan osoo hintaane ibsa yaadaan waan qaaceffaman waan ta’eef. Kanarraa kan ka’e haalli iddatteessuu qorattuun kun dhimma itti baattee iddatteessuu mit-carraa keessaa akkayyoon iddeessuu ta’e.

Haaluma kanaa gosoota wadhabbi kitaabicha keessaatti argaman kanneen akka walhabii namaafi namaa, namaafi xiinsammuu isaa, namaafi uumaafi namaafi humnoota uumamaa adda baasuun gosoota walhabbi kana jalatti eenyuufi eenyu akka walhaban, seenaa asoosamichaa keessatti walhabbiin sun bu’aa maal akka buuseefi walhabbiin uumame sun immoo addunyaa dhalli namaa keessaa jiraatu kana keessatti yoo ilaalame dhugaa lafarra jirudhaa kan jedhu ilaalamani jiru.

Walumaagalatti seenaa kitaaba asoosamaa qorannoof filatame kana keessatti barreessaan asoosamiichaa gosoota walhabbi garaagaraa fayyadamuun ilaalcha, afaan, amantaa, falaasama, aadaa, siyaasa, dinagdee hawasummaa sabni Oromoo dur keessa tureefi har’as keessa jiru ibsee kan jirudha.



## 5.2 Argannoo

Argannoo jechuun yaadota qorataan qorannoo tokkoo kaayyoowwan gooree qabatee ka'e irratti hundaa'ee erga qorannoo isaa geggeessee xumureen booda adeemsa keessa darbe keessatti waantoota ciminaafi hanqina argekan inni dhuma irratti lafa kaa'uudha. Kanuma irraa ka'uun qorattuun qorannoo adeemsifte kana keessatti argannoo ani qorannoo kana keessatti argadheedha jechuun akka armaan gadii kanatti qabxii qabxiin tarreesiteeti.

- Barreessaan asoosama kanaa haalli inni itti waldhabbii ijaare adda adda facca'ee kan jiru ta'uusaa.
- Gosoota waldhabbii jiran keessaa barreessaan kun muraasa qofa fayyadamuu isaa
- Ijaarsa seenaa asoosama tokkoof waldhabbiin lafee dugdaa ta'uu yookaan waldhabbiin yoo jiraate malee seenaan asoosama tokkoo gara fuulduraatti kan hin tarkaanfanne ta'uu
- Seenaa asoosamaa keessatti waldhabbiin haalota garaagaraa ibsuuf kan fayyadu ta'uusaa. Haalonni kunis haala siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, k k f ta'uu danda'u
- Barreessan asoosamicha sadarkaalee waldhabbii jiran kanneen akka ka'umsa, olka'iinsa, fiixee/finiinarra gahuu, gad bu'aa deemuufi furmaata argachuu waldhabbii eeguun barreessu dhabuun bira gahamee jira.
- Barreessaan asoosamichaa gosoota waldhabbii uume keessatti haala addunyaa dhugaa waliin wal bira qabuun kan barreesse ta'uusaa.

## 5.3 Yaada Furmaataa/ Yaboo

Yaada furmaataa yookaan yaboo jechuun qorannoo keessatti qorataan erga qorannoo isaa geggeessee xumureen booda adeemsa keessa darbe keessatti waantoota hanqinaatti itti mul'ataniif yaada furmaataa ta'uu danda'a yookaan hanqina jiru kana duuchuu ni danda'a jedhee kan inni lafa kaa'uudha. Yaaduma kana bu'uura godhachuun adeemsa qorannoo kanaa keessatti qorattuun kun hanqinoota jiran kanaaf yaada furmaataa ta'a kan jettu haala armaan gadii kanaan qabxii qabxiin keessee jirti.

- Barreessaan asoosama kanaa gara fuulduraatti yeroo asoosama barreessu haala ijaarsa waldhabbii keessatti walduuraa duuba eeguun barreessuu qaba. Sababni isaa yoo walduuraa duuba qabaate dubbistoota asoosamichaa haalaan hawwachuu danda'a waan ta'eef
- Barreessichi gara fuulduuraatti osoo gosoota waldhabbii jiran hunda asoosama barreessuu sana keessatti fayyadamee irra caalaa gaarii ta'a

- Barreessaan asoosama kanaa fuul-duratti haalli ijaarsa waldhabbi isaa osoo caasaa qabaatee baay'ee gaarii ta'a. kana jechuun haalli ijaarsa waldhabbi isaa ka'uumsa-olka'iinsa-fiixee-sigigoo-xumura/furmaata osoo caasaa kanaan ijaare.
- Akkuma barreessaa kanaa barreessittoonni asoosama biroo yeroo waldhabbi uuman addunyaa dhugaa keessatti ilaaluun barreessannii baay'ee gaariidha.

## **Wabiilee**

- Adunyaa Barkeessaa. (2010). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo Oromoo*. Finfinnee: efficient printing press
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading Press
- Ascanniq Xilaahun. (2010). “Qaaccessa Waldhabbi Asoosama Dheeraa Habaa Du’aa” . Waraqaa Qorannoo Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneetti dhiyaate.(Kan hin maxxanfamne).
- Fedhasaa Taddasaa. (2013). *Subii: Bu’uuralee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subii printing press.
- Melakneh Mengistu.(1999). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: Biranna Printing Press.
- Misganuu Gulummaa. (2011). *Sanyii: Finfinnee: Oromoo*.
- Mulaatuu Baqaqalaa. (2012). *Dhamaatee Harmee*. Finifinnee: Subii Printing Press.
- Shibiree Bantii. (2008). “Xiinxala Waldhabbi Asoosama Raayyaa dhugaa”. Waraqaa Qorannoo Digirii Jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneetti dhiyaate. (Kan hin maxxanfamne).
- Zarihuun Asafaw. (1992). *Yesina tsuf Masarawii*. Addis Ababa Univesty.
- Zamadkum Taadduu. (2012). “Qaaccessa Waldhabbi Asoosama Dheeraa Madaa Ciqilee”. Waraqaa Qorannoo Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Arsiitti dhiyaate. (Kan hin maxxanfamne).

## **Dabalee**

### **Afewwan Asoosama “Dhamaatee Harmee” Keessaa fudhataman**

#### **4.2.1 Waldhabbii Namaafi Namaa**

Fkn 1

*Namichi maqaan isaa Tonkoluu jedhamu fuuldura hospitaalaa sanaa kophee bareechaa ture. Yeroo Bilisummaan karra sana cinaa dhaabatee Lalisee eegu argee Bilisummaadhaan maal asii gootaa? deemi! Asii maal gootaa? jedheen. Bilisummaan isaa ijaan ciinaa isaa ilaalaa “maali obbo Tonkoluu lafatuu natti ulfaatee iyyata siiti kennatemoo? jedheen. “Ammaa ani oduu hin barbaadu deemi!” jedheen obbo Tonkoluun. Bilisummaan ijaan gara hospitaalaa ilaaluusoo hin daganne “maalii? Obbo warri bakka biraatii godaananii Oromiyaattidhufan yaadeeman malee ani dachee haadhaafi abbaa kiyyaarraa eessan deema?” jedheen. Baay’ee namicha kana tuffatee dhaabiisaa itti fufe( fuula, 16)*

Fkn 2

*Hiiktuun diddee mana bahuun itti ulfaanaan “mee koottu ammaa nyaata nyaannee gara hojii deemana” jetteen. Maalin nyaadhaa jettee akka dhufteetti gara galtee manasheetti kaate deemte, Lalisee karaa irratti eegde. Laliseenis aariidhaan sabni Oromoo saba tokkummaan bara dur dhabneen gargar baafame diinaan nyaatamaa turre. Garuu waan hundaafuu nutti sabni Oromoo dhaadannoo barri misoomafi tokkummaa keenyaa amma jedhu qabannee kaanerra. Tokkummaa keenya diiguu kan barbaadu jira yoo ta’e nuuf barri tokkummaa ammaa waan ta’eef sobduufi daana’oo qabeenyaa Oromiyaa yeroon itti dhiyeera waan ta’eef osoo baranii Oromiyaarraa ija kaafatanii gaariidha yoo jiraatan jettenii osoo karaa irratti wal mormaa jirani namni maqaan isaa Qabsoo jedhamu tokko isaanitti dhufe( fuula, 21)*

Fkn 3

*“Firrikoo hundi isaanii akka diinatti na ilaahuu eegalan. Ijoollee isaani xixiqqoorraa hanga jaarsafi jaartiitti na jibbanii na xireffatan”( fuula, 62).*

## 4.2.2 Waldiddaa Namaafi Sammuu isaa/ Xiinsammuu

### 4.2.2.1 Waldhabbi Hiiktuufi Sammuu ishee

Fkn 4

*Hiiktuun erga kana hubatee keessi ishee akka waan ibiddi keessa isheetti bu'ee ni gubbatte. Osoo akka waan dhukkuba cimaan qabamtee haadduu egalte. Halkaan ciisa dadhabdee akka nama dhukkubni waraansaa qabee haadaa bulte. Ganama deemtee Lalisee arguuf lafti bari'uufi didee asiifi achii osoo garagaltuu halkan tokko lama itti ta'e( fuula, 29).*

### 4.2.2.2 Waldhabbi Abdiifi sammuu isaa

Fkn 5

*...akka nama waa gatee osoo garaa na nyaatu osoo sammuuun koo wal na loluu sammuuun koo kana danda'ee achii gahe. Ergan achii gahee torban yoom dhufa jedheen osoo garaan na raafamu midhaan nyaachu dadhabee osoon yaaduu torbaniif guyyaan jimaata naaf gahe.....manattis yeroon galus tokkollee boqonnaa hin argannee yoon rafuuf sireerraa gadi ciisuuf yaale dhaabiin qaama kee hundi dhufee na dura deeme na hasoofisisaa. Garuu dhuguma harmeekoon argadhee jedhee yoon ka'ee homtuu hin jiru. Amma halkan garan itti deemuu waan hin jirreef callisee bakkan ciisuu oljedheen mataa kootiin boraatiikootti hirkadhee harkakoo lamaniin lapheekoo qabadheen hirriba malee yaaddoo suukkanneessa keessa gale.....ani yeroo tokko tokko osoo isaa waliin haasawaa deemnu garaan koo baay'ee na raafamee, fincaan na qaba garuu finaa'uuf hindanda'u garaankoo akka waan bishaan qorraa keessa yeroo dheeraaf tureen a bocobacame. Anii fuulli mucaa kanaa tarii harmeenkoo duteetti yoo ta'ee ni jijjiiramas jedhee baay'een fuula isaa ammaaf ammaan ilaalaa deema. Innis takka takka osoodhuma na waliin deemuu yaadan ni bada. Ani walumaa galatti “ harmeenkoo duunaan maalan ta'a yaa rabbi!” jechaan garmalee gadda cimaa keessa gala hiriyaa kana waliin.....yaada firaafi alagaa xiqqaa fi guddaas addaan hin foo'anne. Akka dirrii calii ijoo bade mallifi falli hundi na fuulduraa bade yaadni harmeekoo dhabdee akkamitti jiraachuufi jedhu kan haala jireenyaa natti suukaaneessu qofti na fuuldura dedeebi'aa ture. Halkan*

sana dhipjina ilmoo namaattiif hin barbaachifne dhiphaachaan bule.....galagala gaafa guyyaa jahaa kana deemen qormaata kana hojjejedha moo nan haffaa jedheen yaadan raata'a ture. Yaada kan murseessuuf yaadni koo murtii irraa gahuu dadhabee erga baay'ee rakkate naannoo galgala keessaa sa'atti lamaafi walakkaa ta'e.....teessoo kana gubbaa taa'een waraqaa kana harkakoo bitaafi mirgaan qabeen waraqaa kana gargar saaqee ilaaluun akka du'aatti natti ulfaate. Ergan tilmaamaan gara sa'aa tokko ta'uuf qabaadhee taa'ee booda waanuma ta'ee yaa ta'uu jedheen yaaduma sodaadhaan guutameen waraqicha addaan saaqe. Waraqicha addaan saaqee ilaaluu sodadheen akkuma waraqaa kana addaan saaqeen dhiisee deemuuf garaan na didee dubbisuuf sodaadhe. “ waan kana yoon dubbise maaltu argama kanan akkana dhiphachuuf sodaadhee” jedheen hin dubbisuu jedheen murteesseen deeme. Yoon deemu kana xalayaan kun ammaa lubbuunkoo jirutti namni na harkatti arguu hin qabu, daawwittiin yeroo harmee yaaduu keessatti harmee ilaaluu jedheen kiisii uffatakoo keessa ka'e. akkumman kiisii koo keessa kaa'een xalayaan kun akka harmeen achii keessaa na waamtuutti na dubbisaa jira. akkuma ta'ee yaa ta'uu yaada harmeen akka kennaa barabaraatti naaf kennite kana ilaaluun qaba jedheen xalayaa kana ialale....ani isaan tole jedheen gara duubattii deebi'ee garaa koon gara kam naaf wayya jedheen mariitti deebi'e. keessi mariikoo kanaas ani harka harmeekoo malee harka haadha ormaa hin beeku, akkasumallee ani garaan dhiphadhaa maal naaf wayyaa? Jedheen buuse baasee yaade. Garuu gara dhumaatti murtiin mariikoo kanaas as taa'ee didhii xuuxee jireenya maatiin alaa isaa du'aa manna jiraadhu kanarra gara mana wassilakoo bira deemuuf murteesse ( fuula, 32,38,43,44,49,51,67).

#### **4.2.2.3 Waldiddaa Jabeessaafi Sammuusaa**

Fkn 6

Jaabeessaan yoo haala kanaan dhiphatu sagalee ol fudhatee “ Abdiin gurbaa ati achii akkas ta'aa jirta, harmeen kee asii haala kanarra jirti maaltuu furmaatatee? Jechaa xalayaa kanaan rakkateera, booyichaan iji isaa diimatee waan ujummoon bishaanii ijaa isaa keessaan bahe fakkaata.Akkasumas mataa isaa kanaarraan dhhiigni ujummoo dhhiiga isaa

*keessaa yaa'uu gogaa qaama isaa dhooseewaan bahuuf deemu fakkaata (fuula, 41).*

#### **4.2.3 Waldiddaa Namaafi Uumaa**

##### **4.2.3.1 Waldhabbi Abdiifi Uumaa**

Fkn 7

*Obbo Abdiin yeroo gara kanaa deema jirutti, “Waaqayyo uumaa keenya harmeen hadhaafi rakkina baay’ee hin madalamne keessaa in galti ilmoodhaaf akkanaa? Laliseen beektuu gorsi ishee yeroo tokkoon sammu namaa qajeelchu turte. Namni sammuun ishee rakkoo kamiif ulaa hin kennine har’a sababa ilmoo isheef lubbuu ishee dhabdi?” ..... anis yeroo harmeekoo awwaluuf gara bakka awwaalaatti qajeelchan “maaliin godhaa?, eessaan seenaa?, maaltuu naaf furmaataa? Waaqayyoon abbaan furmaata si’ii maaloo mala naaf barbaadi!” jedheen garaankoo baay’ee bobboora’ee dhiphina waaqaan malee furamuu hin dandeenye keessa gale.....ani uumamuu koottis baay’een gaddeen waanuman ta’ee osoon hin beekne fiheen uummanni na qabani bakka sirni awwaala harmee itti raawwatamuu sana nawaliin deeman ( fuula, 28, 49, 50).*

##### **4.2.3.2 Wadiddaa Abbaa Abdiifi Uumaa**

Fkn 8

*... Hundi keenya dabaree keenya eegannee ni duuna atis yoo akkakoo abbaa kee ilma yeroo tokkoon garaa kutatu taatee jalqaba harmeenkee si eegalchiifte barumsakee kana deemtee boru qoramuu qabda naan jedhe. Itti dabalees harmeekke kana booda hin argittu sii harkaa baatettii garaa kees kutadhu erga waaqayyoo yeroo malee akkas godhee naan jedhe (Fuula,52).*

#### **4.2.4 Waldiddaa Namaafi Uumamaa**

##### **4.2. 4.1 Waldiddaa Abdii, Dameefi Waraabessa**

**Fkn 9**

*Osoodhuma waliin deemnu yeroo bakka akka lafa dhooqaa tokko geenyuu, waraabessaafuu gara itti siqnu dhabnee baay'ee sodaane. Gara fuulduraatti, kallatti hundaatti akka mooraatti waan nutti ijaarame fakkaata. Gara itti furmaata arganu yoo yoo dhabnu sagalee sodaadhaan hollatu tokko yoo dhageessisnu namnichi manni jireenya isaa naannoo sana tahe garasii fiigee tirikaadhaan dhufe. Yoo achii nu bira gahu xiqqoo siqanii karaa nuuf saaqnaan nutti gara fuulduraatti jalaa deemne.( fuula, 44-45).*

##### **4.2.4.2 Waldhabbi Abdii Aduu**

**Fkn 10**

*....bakkan karaarraa taa'ee harmee eega turee dhukke natti faca'aa oole ofirraa harcaasuuf yaalaa ka'ee daandii gara mana jireenya keenya deemuurrann qajeele. Yeroo kana afuurri oliifi gadi naaf deebi'uu didee, mogoleenkoo na jalatti dadhabe, qaamnikoo hundi dafqaan waanan bishaan keessaa amma bahu fakkaata suuta suuta tiradhee mana jireenyaa koo gahe( fuula, 40).*

##### **4.2. 4.3 Waldhabbi Abdii, Dacheefi Samii**

**Fkn 11**

*“Anis yeroon kana hanga dhumaatti dubbisee xumuru dacheen gadi na liqimsuu didee samiininis ol fudhachuu didee. Osoon waraqaa kana harkakoo mirgaatin qabadhee imimmaankoo kan keessa qaamakoo hundaati maddu kana dhangalaasaa jiruu abbaankoo natti dhufe”( fuula, 56).*

##### **4.2.4.4. Waldhabbi Abdii, Rakkinaafi Waqtii gannaa**

**Fkn 12**

*Ammaa garuu cimee yoon itti fufellee yeroon barumsa xumuree galu bakki jireenya waqtii ganna kanaa baayee natti cimte. Jireenya dhiphina waliin*



*mari'attee natti ulfaachuu qophooftee dhufte kanallee osoon hin dadhabiniif rakkina obese yeroo waa'een maatiikoo natti dhagahamee takka booyichaan immiimaanin yaaddoo maatiikoo kana affeeren takka immoo waanuma adda addaan of jajjabeesseen qormaata kutaa kudha lammaffaa qoramee. Ganna bara kanaa midhaan malee oolee buluun kophaakoo mana ona keessa turuun bartee naaf ta'aa dhufe. Baatii kanneen keessatti rakkoon akka bara biyyoonni alaa Afrikaa koloneeffatanitti na koloneeffachuuf tooftaa natti malachaafi kiyyoo naaf qopheessaa turte. Dararama kanarraan kan ka'ee qaamni koo inni furdaa turee ija namaatti tolu har'a waan waggaa hedduuf dhukkubsadhee mana yaala ciisaa ture na fakkaate. (fuula, 63).*

#### **4.2.4.5 Waldhabbi Abdiifi Afuura/ Humna Uumamaa**

Fkn 13

*Afuurri ati ammaa maal asii warra maatiifi mala qaban waliin dhaabattaa? Atii hiyeessa isa dhumaa isa yoo dhukkubsatellee nama sii yaalchisu hin qabnedha of hin bartu kan naan jedhu natti dhagahamaa ture. Garan itti deeme boqodhuu nan dhabe. Lafeen duraan waanan hinqabne fakkaatu har'a na keessa bahee akka ciraaroo mukaa dhaabate.( fuula, 64).*

## **Waraqaa Mirkanneeffannaa**

Ani qorattuun maqaa fi mallattoon koo armaan gadiitti eerame kun waraqaan qorannoo kun

hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanee, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu:\_\_\_\_\_.

Mallattoo:\_\_\_\_\_.

Guyyaa:\_\_\_\_\_.

Maqaa Gorsaa:\_\_\_\_\_.

Mallattoo:\_\_\_\_\_

Guyyaa\_\_\_\_\_